

Afaan Oromoo

Kitaaba Barattootaa

Kutaa 9

Barreessitoota

Waaqtolaa Gannatii
Xilaahun Guyyaasaa

Gulaaltota

Damee Abarraa (PhD)
Darajjee Akkasaa
Kidaanee Wadaajoo

Madaaltota

Abdiisaa Gannatii
Dastaa Taaddagaa
Waaqumaa Waamii
Yaneenash Saamu'eel

Seecca'aa Olaanaa

Abdulqaadir Amaan

Giraafiksii

Taaddasaa Dinquu

Fakkibsa

Buzaayyoo Girmaa



© Biiroo Barnootaa Oromiyaa, 2015/2023

Kitaabni kun walta'iinsa Biiroo Barnootaa Oromiyaafi Kolleejjii Barnoota Barsiisotaa Mattuutiin bara 2015/2023 qophaa'e.

Mirgi abbummaa kitaaba kanaa seeraan eeggamaadha. Hayyama Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin ala guutummaan is ta'e gamisaan maxxansisuus ta'e baay'isanii raabsuun seeraan nama gaafachiisa.

BAAFATA

Mata duree

Fuula

BOQONNAA TOKKO: JALQABBII AFAANII.....1

Maalummaafi Amaloota Afaanii.....1

Jalqabbii Afaanii.....5

BOQONNAALAMA: GALII MOOTUMMAA.....14

Akaakuuwan Taaksii.....14

Galiifi Misooma.....19

BOQONNAA SADI: QABEENYA UUMAMAA.....30

Bosona Yaayyoo.....30

Dhagaa Cilee.....34

BOQONNAA AFUR: ASOOSAMA.....46

Dungoo Halkan Sanaa.....46

BOQONNAA SHAN: AFOOLA OROMOO.....63

Maalummaafi Amaloota Afoolaa.....63

Afoola Oromoo.....66

BOQONNAA JAHA: OG WALALOO.....77

Tattaafachuu.....77

Uggum Kubbaa Miillaa.....80

BOQONNAATORBA: GOOTOTA OROMOO.....87

Qeerroo Nageessoo.....87

Dooktor Hayilee Fidaa.....90

BOQONNAASADDEET: DIRAAMAA.....102

Maalummaafi Akaakuu Diraamaa.....102

BOQONNAA SAGAL: SABAAHIMAALFEFI

QUNNAMTII.....	110
Meeshaalee Qunnamtii Aadaa.....	110
Sabaahimaaleefi Quunnamtii.....	113
JECHIBSOO.....	122

BOQONNAA

1

JALQABBII AFAANII

Bu'aalee barachuu

Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti:

- barruu siif dubbifamu dhaggeeffattee deebii nikennita;
- marii keessatti hirmaachuun gabaasa nidhiyeessita;
- cuunfaa yaada barruu keeyyata tokkoon nibarreessita;
- jechootaaf hiika galumsaa nikennita;
- jechoota kennamaniin hima ni'ijaarta;
- akaakuu himaa tajaajilaafi caasaan jiran addaan baasta.

Barannoo 1: Dhaggeeffachuu

Maalummaafi Amaloota Afaanii

Gilgaala 1: Dhaggeeffachuun dura

A. Barreeffama siif dubbifamu dhaggeeffachuun dura gaaffilee asiin gadiirratti hiriya kee waliin mar'adhu.

1. Afaanota hunda maaltu walfakkeessa? Waan beektan walitti himaa.
2. Afaan hawaasa malee, hawaasnis afaan malee jiraachuu danda'aa? Maaliif?

B. Hiika jechoota armaan gadiirratti hiriya kee waliin mari'adhu.

1. sirnaawaa
2. dhaala
3. caasaa
4. jijjiirama

Gilgaala 2: Yeroo Dhaggeeffachuu

Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachaa bakka duwwaa himoota armaan gadii guuti.

1. _____ meeshaa dhalli namaa ittiin walii galuufi eenyummaa isaa ittiin ibsatudha.
2. Afaan dhala namaa martinuu _____.
3. Amaloota afaanii kanneen afaanota mara walfakkeessan keessaa _____, _____ fi _____ eeruun nidanda'ama.
4. Wantoota aadaafi duudhaa hawaasatti makamaa deemaniif _____ nikennamaaf.
5. Jijjiiramni afaanii _____ fi _____ hawaasaa wajjin walqabata.

Gilgaala 3: Dhaggeeffachuun booda

Akka dubbisa dhaggeeffatteetti yaadonni asii gadii sirrii yoo ta'an, dhugaa sirrii yoo hintaane immoo, soba jechuun sababa kee waliin ibsi.

1. Afaan Oromootiin afaan hiikkachuu kan danda'u dhalataa Oromoo qofa.
2. Afaan mana barnootaatti barsiisota qofa irraa baratama.
3. Afaanonni hunduu seerota mata mataa isaanii qabu.
4. Afaan akka jijjiiramuufi guddatuuf qaroominniifi guddinni hawaasaa murteessaadha.
5. Afaan dhala namaa amaloota garaagaraa waan qabuuf bal'aafi **walxaxaa ta'e**.

Barannoo 2: Dubbachuu

Gilgaala 4

Himoota asiin gadii irratti gareen mariyachuun waan irratti waliigaltan dareef himaa.

1. Osoo afaan hinjiru ta'ee jiruufi jireenyi dhala namaa maal ta'a isinitti fakkaata?
2. Jijjiiramniifi guddinni afaanii jijjiiramaafi guddina hawaasaa wajjin walqabata. Akkamitti akka walqabatu waliin mari'adhaa.
3. Yaada ijoo barruu dhaggeeffattanii gabaabsaatii dareef ibsaa.

Barannoo 3: Dubbisuu

Gilgaala 5: Dubbisuun dura

A. Dubbisa itti aanee jiru dubbisuun dura gaaffilee armaan gadii deebisi.

1. Afaan dhala namaa akkamitti jalqabe jettee yaadda?
2. Dhalli namaa afaan malee, afaanis dhala namaa malee jiraachuu nidanda'uu? Maaliif?

B. Dubbisuu osoo hineegalin hiika jechoota armaan gadii tilmaami.

1. yaadiddamoota
2. kaabaa
3. qeeqa

Gilgaala 6: Yeroo dubbisuu

Dubbisa ‘Jalqabbii Afaanii’ jedhu saffisaan dubbisaa gaaffilee armaan gadii deebisi.

1. Keeyyata tokkoffaa keessatti bamaqaan, ‘...isaan...’ jedhu maal bakka bu’a?
A. yaadiddamoota
B. hayyoota
C. dhala namootaa
D. afaanota
2. Yaadiddamoota akkaataa jalqabbii afaanii ibsan tarreessi.
3. Hayyonni ilaalcha amantii qaban afaan akkamitti jalqabame jedhu?
4. Gareen afaan naannoo jireenyaa yookaan adeemsa waliin jireenyaa irraa madde jedhan ragaa maalfaa dhiyeessu?
5. Qaamoleen dubbii dhala namaa dubbii afaaniitiif mijatoodha yoo jedhu maal jechuu isaati?
6. Yaadotni bu’uuraa madda afaaniitiin walqabatan bakka meeqatti qoodamu?

Jalqabbii Afaanii

Afaan akkamitti akka jalqabe hayyoonni adda addaa *yaadiddamoota* garagaraa dhiheessu. Yaadiddamoota **isaan** dhiyeessan hunda bakka sadiitti qooduun nidanda'ama. Isaanis, garee Waaqatu uume jedhan; kanneen adeemsa waliin jireenya dhala namaatiin walqabata jedhaniifi akkaataa uumama sammuufi qaamolee dubbii dhala namaa irratti hundaa'an kan jedhanidha. Gareen hundinuu ragaalee mata mataa isaanii dhiyeessan qabu.

Hayyoonni “Afaan Waaqatu uume,” jedhan ilaalcha amantii irratti hundaa'uun ragaa dhiyeessu. Akka yaada isaaniitti, Waaqni Addaam/Aadam uume; inni immoo, wantoota lafa kanarra jiran hundaaf moggaasa kenne. Tuuta jechoota Addaam moggaase sanaatu afaan tokko ta'e. Namootnis afaan sanaan waliigalaa turan. Turtii yeroo dheeraa booda Kaabaa Baabiloon ijaaraniin Waaqa bira ga'uuf yaalii taasisan. Achumaan, isin yoo afaan keessan tokko ta'e addunyaa kana balleessituu; afaan keessan tokko hinta'in! jedhee abaare. Kaabaa isaaniis jalaa diige; isaaninis bittinnee. Kanarraan kan ka'e afaannis baay'ate jedhu.

Hayyoonni afaan adeemsa waliin jireenya dhala namaatiin uumame jedhan gama isaaniitiin ragaalee adda addaa dhiyeessu. Tokkoffaa, afaan sagaloota naannoo keessatti dhaga'aman irraa waraabamuun kan uumame ta'uu ibsu. Fakkeenyaaf, sagaloonni doqdoq, dididid, xaxaxaxfi kanneen kana fakkaatan irraa jechoota kanneen akka doqdoqqee, didiche, xaaxee jedhaman akka uumaman tilmaamu. Kanaafuu, jechoonni afaan tokkoo sagaloota dhaga'aman irraa kan waraabaman waan ta'aniif, afaan haala kanaan uumame jedhu. Lammaffaa, dhalli namaa jalqabarraa kaasee qaamolee isaa sochoosuudhaan waliigaluuf yaalaa ture. Booda garuu, sochiilee qaamolee kanneenii jechootaan bakka buusaa dhufe jedhu. Fakkeenyaaf, nama tokko geggeessuuf harka afarsuu jecha nagaatti jedhuuf gargaaramaa ture. Kanarraa ka'uun, afaan walitti dhufeenya sochii qaamaatiifi dubbiidhaan uumame yaada jedhu qabu. Sadaffaa, dhalli namaa durii kaasee gamtaadhaan jiraata. Jireenya

gamtaa kana keessa yaada waljijjiiruun waan dirqama itti ta'eef, sagaloota, mallattooleefi sochii qaamaa adda addaatti fayyadamuun waliigaluuf yaalii gochaa ture. Kanaaf afaan adeemsota kanneeniin uumamuu danda'e jedhu.

Garee biroon immoo, jalqabbiin afaanii akkaataa uumama sammuu fi qaamolee dubbii dhala namaati jedhu. Akka ilaalcha isaaniitti jalqabbiin afaanii sammuu dhala namaati. Sammuu dhala namaa keessa meeshaan afaan barachuuf gargaaru akka jiru ibsu. Kana malees, qaamoleen dubbii dhala namaa ittifayyadama afaaniitiif mijatoo ta'uun isaanii uumama afaaniitiif madda ta'anii jiru jedhu. Arrabniifi hidhiin akka fedhanitti socho'uu danda'uun, dibbeen sagalee hollannaaf mijataa ta'uun akka dhalli namaa sagaloota dubbii salphaatti baasuu danda'u gargaaranii jiru jechuun jalqabbii afaanii irratti tilmaama isaanii kaa'u.

Walumaagalatti, jalqabbii afaanii ilaalchisee hayyoonni baay'een yaada garaagaraa dhiyeessaa turaniiru; dhiyeessaas jiru. Bu'uurri yaada hunda isaanii waa lama jechuun nidanda'ama. Isaanis: amantiifi saayinsiidha. Kanneen ilaalcha amantaa qaban akka Waaqni uumeetti kan ilaalan yoo ta'u, kanneen saayinsii irratti bu'uureffatan ammoo, afaan akka bu'aa jijjiirama suuta suutaa (evolution) ta'etti amanu.

Gilgaala 7. Dubbisuun booda

A. Gaaffilee asiin gadii akka dubbisichaatti yoo sirrii ta'e 'Dhugaa' yoo sirrii hintaane immoo 'Soba' jechuun deebisi.

1. Akka ilaalcha garee amantaatti jalqabbii afaaniitiif sammuu dhala namaa murteessaadha.
2. Akka yaada garee afaan sagaloota naannoo keenyatti argaman irraa uumame jedhanitti, jechoonni muraasni sagalee uumamaa irraa waraabaman.
3. Dhalli namaa sammuu fi qaamolee dubbii mijaawoo qabaachuun isaa

jalqabbii afaaniitiif sababa ta'eera.

4. Akkaataa jalqabbii afaanii ilaalchisee bu'uurri yaada beektotaa bakka lamatti qoodama
5. Akka yaadiddama amantiitti wantoota lafa kanarra jiran hundaaf Waaqatu moggaasa maqaa kenne.

B. Gaaffilee dubbisa keessaa ba'an kanneen barreessuun deebisi.

1. Yaadni ijoon keeyyata lammaffaa keessatti ka'e maali?
2. Jechoonni afaan tokkoo sagaloota dhaga'aman irraa waraabaman yoo jedhu maal jechuudha? Jechoota fakkeenya kanaan moggaafaman kan beektu tarreessi.
3. Ilaalchota jalqabbii Afaanii irratti hayyootni garagaraa kennan cuunfuun keeyyata tokkon barreessii dhiyeessi.
4. Jalqabbii afaanii ilaalchisee beekumsa kanaan dura qabduufi hubannoo dubbisa irraa argatte walbira qabuun yaada kee barreeffamaan ibsi.
5. Yaadiddamoota jalqabbii afaanii ta'uu malu jedhamanii dhiyatan keessaa ati isa kam deeggarta? Sababa kee barreessi?

Barannoo 4: Barreessuu

Gilgaala 8: Cuunfaa Barreessuu

A. Gumee asii gaditti kenname fayyadamuun yaada dubbisa 'Jalqabbii Afaanii' jedhu cuunfuun barreeffamaan dhiyeessi.

Yaadiddamoota

- ilaalcha amanti
- adeemsa waliin jireenya dhala namaa
- sammuufi sochii qaamolee dubbii

Garee amanti

- afaan Waaqatu uume
- Addaam uumama hundaaf maqaa moggaase
- booda namoonni cubbuu waan hojjataniif afaan isaanii gargar godhe.

Garee adeemsa waliin jireenyaa dhala namaan walqabsiisan

- sagalee naannootti dhaga'amuu irraa
- sochii qaamaa namni taasisu
- waliin jiraachuu namaa

Garee uumama sammuu fi qaamolee dubbiin walqabsiisan

- sammuu namaa keessa meeshaan afaan barachuu danda'u jiraachuu
- sochiin arrabaafi hidhii mijataa ta'uu

Fakkeenyaaf,

Jalqabbii afaanii ilaalchisee yaadiddamoota sadiitu jiru. Inni jalqabaa, kan amantiin walqabatudha. Akka garee kanaatti, afaan Waaqatu uume. Waaqni Addaamiin uume; Aadamis uumama hundaaf maqaa moggaase. Dhalli namaa afaan tokko dubbachaa ture; booda cubbuu waan hojjateef, afaan isaanii gargar taasise. Garee lammaffaan...

B. Cuunfaa barruu dhaggeeffannaaf qophaa'e fakkeenya godhachuun, yaada dubbisa 'Jalqabbii Afaanii' jedhuu keeyyata tokkoon cuunfii barreessi.

Afaanonni dhala namaa hundi amaloota garagaraa kan isaan walfakkeessu qabu. Isaan keessaa tokko baratamuu danda'uu isaati. Namni fayya-buleessi kamiyyuu afaan tokko barachuuf yeroo walfakkaatu ittifudhata. Dabalataan, faanonni martinuu jijjiiramuufi guddachuu nidanda'u. Guddinnifi jijjiiramni kunis guddinaafi jijjiirama hawaasaatiin walqabata. Hawaasni barnootaafi

saayinsiin yoo guddate, afaan isaas wajjumaan guddata. Gama biraatiin, afaanonni hundinuu seera mataa isaanii qabu. Seera afaanii kanas kan baaseef mootummaa ykn hayyoota afaanii osoo hintaane hawaasa afaanicha dubbatudha. Akkaataa hawaasni waliigalteen ittiin dubbatu irraa seerri afaanii madde. Walumaagalatti, afaanonni hundinuu amaloota adda addaa kan hunda isaanii walfakkeessu qabu.

Yaadannoo

Cuunfaa barreessuuf qajeelfamoota asii gadii hordofuun barbaachisaadha.

- Ariitiin barreeffama tokko dubbisuun yaadamaalii akka dabarsu adda baasuu.
- Barreeffamicha irra deebi'anii dubbisuun yaadannoo qabachaa deemuu.
- Jecha mataa ofitiin qabiyyee barreeffamichaa barreessuu.
- Yaada ijoo qabiyyee barbaachisaa ta'e qofa irratti xiyyeeffachuu.
- Irra deebi'uun ilaaluufi bakka barbaachisetti itti dabaluu ykn. irraa hir'isuun fooyyessuu fa'i.

Barannoo 5: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 9

A. Hiika jechoonni asii gadii dubbisa olitti dubbiste keessatti qaban barreessi.

1. Qooduu (Keeyyata 1) _____
2. Tuuta (Keeyyata 2) _____
3. Moggaasa (Keeyyata 3) _____
4. Gamtaa (Keeyyata 3) _____

B. Hiika jechoonni himoota asii gadii keessatti jala sararaman galumsa keessatti qaban barreessi.

Fakkeenyaaf,

- a. Tiksee muka jalatti bokkaan dhaane.
- b. Kan dandeessu dhaani jennaan gowwaan galee niitii dhaane.

Himoota armaan olii keessatti jechoonni jala sararaman bifaan tokko; hiikaan garuu, garaagara. Maddi garaagarummaa hiika isaanii akkaataa galumsa isaaniiti.

- a. dhaane - nitortorse ykn itti roobe
 - b. dhaane – reebe/rukute .
1. Daa'imni kun yoom akkas afaan hiikkatte?
Jabbiin keessan hidhaa hiikkatte.
 2. Abbaan Boosat yoom maasii isaa akkas qale?
Abbaan Gadaa korma sanbataa qale.
 3. Mucaan xiqqoon kun oduudhaan gurra numurte.
Kumeen obboleessa ishee qarabaadhaan gurra murte.
 4. Muusaan, mucaan colleen kun, tiruu Gammadaati.
Dhibeen tiruu halluu ijaa jijjiira.
 5. Jijoon jibicha tume.
Biqilaan eeboo tume.

Barannoo 6: Caasluga

I. Akaakuuwwan Hima Tajaajilaan

Gilgaala 10

A. Himootni armaan gadii tajaajiloota akkamiif akka oolan ibsi.

1. Caaltuun kutaa sadaffaa keessaa tokkoffaa baate
2. Ka'ii balbala cufi!
3. Finfinnee deemtee beektaa.
4. Uggum! Bokkaa yandoo roobee lolaan jilba nuqaqqabe

B. Himoota roga 'A' jala jiraniif akaakuu himootaa roga 'B' jalatti kennaman keessaa filachuun walitti firoomsi. Kanneen 'B' jala jiran si'a tokkoo ol firoomuu nidanda'u.

A

1. Soorettiin intala bareedduudha.
2. Hacaaluun maaliif Xiiqii komate?
3. Yaa kolfa kee akkam garaa nama raasaa!
4. Irreeffannaan aadaa Oromooti.
5. Uggum! Maal mucaan bareedaan kun!
6. Dargaggoonni seexaa hinqabne ba'aa biyyaati.
7. Buna moo aannan siif fidu?
8. Ka'ii buna danfisi!

B

- A. Hima ajajaa
- B. Hima himamsaa
- C. Hima gaaffii
- D. Hima raajeffannoo

C. Akaakuu himootaa afran gargaaramuun himoota lama lama ijaaruun barsiisaa keetti agarsiisi.

II. Akaakuuwwa Himaa Caasaadhaan

Gilgaala 11

A. Himoota armaan gadii caasaa isaan qaban irratti hundaa’uun hima salphaa, dachaa ykn xaxamaa tahuu isaanii adda baasi.

1. Caaltuun magaalaa deemte.
2. Leenjisoon magaalaa deemee daadhii dhuge
3. Siddiseen waan dhukkubsatteef, barumsarraa hafte.
4. Daraartuun waggaa tokko dura mana adaadaa ishee dhaqxe.
5. Qeerrensi nihaarqa; weenniin nikorrisa.
6. Galgaloon gugsii fardaa bobba’e; Hirphaan garuu loon bobbaasee meesaa deeme.
7. Waan waliin qo’ataniif, qabxii gaarii galmeessisan.
8. Barsiisaan Afaan Oromoo shaakala qormaataa nuuf kennan.
9. Guyya guyyaa nihojjatu; galgala galgala ammoo nibaratu.
10. Gaabbeen buddeen tolchiti; Qananiin niqo’atti; Boontuun immoo huccuu miiccaa jirti.

Yaadannoo

Himoonni tajaajila kennaniifi caasaa qaban irratti hundaa'uun bakka garagaraatti qoodamu. Himoonni tajaajilaa qabaniin bakka afuritti qoodamu. Isaanis, hima himamsaa, himaa gaaffii, hima ajajaafi himaa raajeffannoodha.

Fakkeenyaaf,

- a) *Falmattuun obboleessa ishee bira Finfinnee deemte.* _ Hima himamsaa
- b) *Obboleessi abbaa kee maqaan isaa eenyu?* _ Hima gaaffii
- c) *Ka'ii balbala kana cufi!* _ Hima ajajaa
- d) *Uggum! Yaa dubbii nama ammaa!* _ Hima raajeffannoo

Gama birootiin, himoota caasaaa isaan qabaniin bakka afuritti qooduu daandeenya. Isaanis, hima salphaa, himaa dachaa, hima xaxamaafi hima dachaa xaxamaa

Fakkeenyaaf,

- a) *Caalaan mana barumsaa deeme.* _ Hima salphaa
- b) *Magaalaa deemee kophee bitate.* _ Hima dachaa
- c) *Barattuu qaxalee waan taateef, badhaafamte.* _ Hima xaxamaa
- d) *Yommuu mana barnootaa dhaqxu, dabtara kee qabadhu; kitaaba kees hindagatiin.* _ Hima dachaa xaxamaa

BOQONNAA

2

GALII MOOTUMMAA

Bu'aalee barachuu

Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti:

- dubbisa dhaggeeffachuun ergaasaa nihimta;
- ofitti amanamummaadhaan yaada kee ni ibsatta;
- ergaa waan dubbistee jireenya keetiin walqabsiistee nimadaalta;
- jechootaaf hiika galumsaa nikennita;
- keeyyata nibarreessita;
- himoota hennaa darbaafi ammaatiin ijaaraman addaan nibaafata.

Barannoo 1: Dhaggeeffachuu

Akaakuuwwan Taaksii


Gilgaala 1. Dhaggeeffachuun dura

A. Dubbisa 'Akaakuuwwan Taaksii' jedhu dhaggeeffachuun dura gaaffilee armaan gadiirratti gareen mari'adhaa.

1. Taaksiin maali?
2. Taaksii sassaabuun biyya tokkoof bu'aa maalii qaba jettee yaadda?
3. Hiika jechoota armaan gadii tilmaami.
 - a) gibira
 - b) galii

Gilgaala 2. Yeroo dhaggeeffachuu

Caatoo armaan gadii dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachaa guuti.



Gilgaala 3. Dhaggeeffachuun booda

A. Deebii danaa olii keessatti barreessite kan hiriya kee wajjin walbira qabuun madaali.

B. Dubbisa dhaggeeffatte irratti hundaahuun yaada sirrii ta'e **Dhugaa** kan dogoggora ta'e immoo, **Soba** jedhii deebisi. Yoo soba jette sababa isaa ibsi.

1. Taaksiin biyyoota addunyaa hunda keessa kan jiruufi dirqama lammummaati jedhamee beekama.
2. Meeshaalee alergiifi algalchiirraa kan sassaabamu taaksii alkallattii jedhama.

3. Lammiin hundi taaksii walqixa kaffala.
4. Miindaa, bu'aa daldalaafi qonnaa irraa kan sassaabamu akaakuuwwan taaksii kallattii jedhama.

C. Gaaffilee armaan gadii irratti gareen mariyachuun afaaniin deebisaa.

1. Taaksii kaffaluun qaama kaffaluuf faayidaa maalii qaba?
2. “Taaksii kaffaluun qaroomina” yeroo jedhu maal jechuu isaati?
3. Osoo taaksiin hinsassaabamu ta'ee, mootummaan maaliin misooma hojjata?
4. Taaksiin guddina biyya tokkootiif ga'ee maal qaba?

Barannoo 2: **Dubbachuu**

Gilgaala 4. Falmii Gaggeessuu

Matadureewwan armaan gadii keessaa tokko filachuun adeemsa falmii gaggeessaa.

Mataduree

1. Barattootni bilbila qabatanii mana barnootaa dhufuu dhorkamuu qabu moo hinqaban?
2. Uffata seeraa uffatanii mana barnootaa dhufuun dirqama ta'uu qabamoo hinqabu?

Adeemsa Falmii

- Barattoonni fedhii isaaniin gareen ijaaramuu
- Gareen lachuu namoota sadi sadii ofkeessaa filuun (kan kornayaa lameenuu hammate) bakka buufachuu
- Abbootii seeraa nama lama filachuu (barsiisaa/tuu dabalachuu danda'a)
- Daqiiqaa 10f yaada falmiif barbaachisu irratti mariyachuun gurneeffachuu
- Falmii daqiiqaa 20 barattoota fuulduratti gaggeessuu

Dhumarratti, abbootiin seeraa garee mo'ate beeksisuun xumuru

Yaadannoo

Falmiin adeemsa dhimma tokko irratti ragaa amansiisu qabatanii deeggaruun yookaan mormuun itti falmaniidha. Jireenya keenya guyya guyyaa keessatti falmii nigegeessina. Yeroo baay'ee mana barnootaa, mana murtiitti, walgayii uummataa, dorgommii filannoo siyaasaafi kan biroo irratti walfalmiin nigaggeeffama. Falmiin kunis yoo xiqqaate garee lama gidduutti adeemsifama. Yeroo falmiin geggeeffamu, hirmaattonni yaada mormitoota isaanii ragaafi odeeffannoo qabatamoo dhiyeessuudhaan kuffisuuf dhama'u. Yeroo walfalman seera hordofuu qabantu jira. Namoonni garee lamaan wal falmisiisuuf akkasumas garee mo'ate adda baasan nijiraatu. Gareen lachuu yeroo walfalman, adeemsa hawwataa dhaggeeffattoota hirmaachisuufi barsiisuu danda'uun falmii isaanii dhiyeessu. Mo'ataa ta'uudhaaf mataduricha irratti dhaggeeffattoota amansiisuu danda'uutu irraa eegama.

Matadureen irratti falmiin geggeeffamu xiyyeeffannoo adda addaa barbaada:

- kan falmitootni beekaniifi jaallatan ta'uu,
- kan walfalmisiisu ta'uu,
- kan faayidaafi miidhaa yookaan hanqinaafi ciminasa beekan,
- dhaggeeffattoota kan giddu galeeffateefi
- ilaalcha namaa jijjiiruuf mijaawaa kan ta'e ta'uu qaba.

Qophii falmiif taasifamu:

- Dhimma yookaan mata-duree falmii irratti waliigaluu.
- Gareewwan hundeessuu(koorniyaalee lameenuu kan hamate).
- Seerota falmichaafi yeroo murteessuu.
- Walkabajuun yaada qofa mormuu.
- Mata-duree falmichaa qorachuun falmanii amansiisuuf qophaa'uu.
- Fakkeeniyotaafi ragaalee ejjennoo kee deeggaran guurrachuu.
- Yaada falmii garee faallaa irraa ka'uu danda'an dursanii yaadanii deebii qopheeffachuu.
- Yaada falmii ofii karoorsuufi duraaduubaan kaa'uu.
- Bakka falmii qopheessuu.

Barannoo 3: Dubbisuu

Gilgaala 5. Dubbisuun dura

Jechootaafi gaaleewwan armaan gadii hiika isaanii tilmaami.

1. diinagdee
2. tajaajiloota hawaasummaa
3. bu'uuraalee misoomaa

Gilgaala 6. Yeroo dubbisuu

Dubbisa ‘Galiifi Misooma’ jedhu dubbisaa gaaffilee armaan gadii akkaataa gaafatamteen deebisi.

1. Mootummaan galiwwan taaksii irraa argatuun bu'uuraalee misoomaa lammiilee isaaf guuta.
A. Soba B. Dhugaa
2. Gahee mootummaa kan hintaane kami?
A. Tajaajila hawaasummaa dhiyeessuu
B. Bu'uuraalee misoomaa hojjechuu
C. Gibira kaffaluu
D. Taaksii sassaabuu
3. Damee tajaajila hawaasummaa keessaa gurguddoon _____ fi _____ dha.
4. Keeyyata sadaffaa keessatti bamaqaan, ‘...*isaati*....’ jedhu eenyuun ilaallata?
A. Galii B. Lammiilee C. Mootummaa D. Barnoota
5. Namni dhuunfaanis ta'e dhaabbanni kamiyyuu galii argatu irraa taaksii irraa barbaadamu kaffaluuf dirqama qaba. Taaksii irraa barbaadamu kaffaluun qarroominas (dhugaa / soba).

Galiifi Misooma



Taaksiin maallaqa mootummaan *labsiifi* qajeelfama irratti hundaahuun namoota dhuunfaafi dhaabbilee hojii hojjatanii bu'aa argatan irraa walitti qabudha. Taaksiin biyyoota addunyaa hunda keessa kan jiruufi dirqama lammummaa jedhamees kan beekamudha. Taaksiin mootummaan namoota dhuunfaafi dhaabbilee irraa walitti qabu kunis taaksii kallattii, alkallattiifi kan biroo jedhamuun qoodama. Taaksiin kallattii gibira mindaa, qonna, daldalaafi kanneen kana fakkaatan irraa sassaabamu yommuu ta'u, taaksiin alkallattii immoo TOT, VAT, Eksaayiziifi kanneen kana fakkaatan jedhamu. Galiwwan lootorii irraa argaman, qabeenya kireeffamuufi aksiyoona irraa sassaabaman ammoo taaksii biroo jedhamuun beekamu. Mootummaan galii bifa adda addaan walitti qabu kanaan deebisee hojiiwwan jireenya lammilee fooyyessuu danda'an ittiin hojjata. Hojiilee gurguddoo mootummaan galii lammilee isaarraa sassaabuun hojjatu keessaa muraasni tajaajiloota hawaasummaa babal'isuu, bu'uuraalee misoomaa diriirsuufi nageenya biyyaa mirkaneessudha.

Tajaajiloota hawaasummaa mootummaan galii taaksiifi ashuuraa irraa argatuun lammii isaaf hojjatu keessaa gurguddoon fayyaafi barnoota. Mootummaan galii taaksii irraa sassaabuun wiirtuulee tajaajilli itti kennamu kanneen akka buufata fayyaafi hospitaalaa ijaara; dawaafi meeshaalee yaala fayyaa dhiyeessa; ogeeyyii *dameewwan* fayyaa garagaraa haala gahaa ta'een tajaajila kennan dhiyeessa. Wantoota kanneen guutuuf, mootummaan galii gahaa argachuu qaba. Maddi galii mootummaa inni guddaan immoo taaksii bifa garagaraan lammiileen kaffalanidha.

Dameen tajaajila hawaasummaa inni biroon ammoo barnoota. Mootummaan barnoota babal'isuun lammiileen hundi carraa barachuu akka argatan gochuun dirqama **isaati**. Barnoonni dhaloota *qara*. Kana gochuuf dhaabbilee barnootaa kanneen akka manneen barnootaa, kolleejjotaafi yuunivarsiitota babal'isuun murteessaadha. Kana hunda hojjachuuf mootummaan galii taaksiirraa walitti qabuutu isa barbaachisa.

Gama biraatiin, mootummaan galii taaksii irraa walitti qabuun bu'uuraalee misoomaa lammii isaatiif diriirsa. Bu'uuraaleen misoomaa kanneen akka daandii konkolaataa, hadiida baaburaa, tajaajila bishaan dhugaatii, bilbilaa, ibsaafi kan biroo mootummaatu hojjata. Bu'uuraaleen misoomaa kunneen baasii cimaadhaan waan hojjatamaniif mootummaan galii ga'aa qabaachuu qaba. Maddi galii mootummaa inni guddaan ammoo, taaksii yookiin gibira lammiileen isaa kaffalanidha.

Kana malees, mootummaan taaksii lammiileen isaa kaffalaniin nageenya biyyaafi hawaasaa eegsisaa. Nageenya mirkaneessuuf, mootummaan jaar-miyyaalee nageenyaa nigurmeessa. Qabatamaan nageenya mirkaneessuuf, qaamolee nageenyaa kanneen akka buufata torobbee (poolisii) nigurmeessa; raayyaa ittisa biyyaas ni'ijaara. Jaarmiyyaaleen kunneen immoo, lammiileen nagaafi tasgabbiin akka jiraataniifis ta'e weerarri kamiyyuu biyyarra akka hingenyeef humna teekinooloojiidhaan ijaarame barbaada. Dhaabbileen tajaajila haqa mirkaneessanis humnoota nageenyaa kanneen gargaaramuun biyyi seeraafi heeraan akka bultu hojjatu.

Walumaagalatti, mootummaan galii taaksii bifa adda addaan walitti qabuun deebisee hojiiwwan jireenya lammiilee isaa fooyyessan kanneen akka tajaajiloota hawaasummaa babal'isuu, bu'uuraalee misoomaa diriirsuu, nageenya mirkaneessuufi kanneen kana fakkaatan. kaasuun nidanda'ama.. Kanaafuu, namni dhuunfaanis ta'e dhaabbanni kamiyyuu galii argatu irraa taaksii barbaadamu kaffaluuf dirqama qaba. Taaksii irraa barbaadamu kaffaluun qaroominas. Mootummaan ammoo, *aangoo* gibira yookiin taaksii

sassaabuu isa qofaaf kenname gargaaramee galii ga'aa ta'e maddisiisuun guddinaafi misooma biyyaatiif hojjachuutu irraa eeggama.

Gilgaala 7. Dubbisuu booda

A. Gaaffilee armaan gadii dubbisa asiin olii irratti hundaa'uun deebii sirrii ta'e filadhu.

1. Kanneen armaan gadii keessaa ga'ee lammii biyya tokkoo kan hintaane kami?
 - A. taaksii kaffaluu
 - B. misooma irratti hirmaachuu
 - C. raayyaa ittisa biyyaa hundeessuu
 - D. deebii hinqabu
2. Tajaajiloota hawaasummaa kanneen mootummaan dhiyeessu qabu kami?
 - A. Barnoota
 - B. tajaajila fayyaa
 - C. dhaabbilee fayyaafi barnootaa
 - D. hundi deebiidha
3. Bu'uuraalee misoomaa gurguddaa ta'an dhiyeessuun gahee eenyuuti?
 - A. hawaasa bal'aa
 - B. namoota taaksii kaffalan
 - C. mootummaa
 - D. hunduu deebiidha

4. Bu'uraalee misoomaan kan jedhaman isaan kami?

- A. daandii konkolaataafi hadiida baaburaa
- B. ibsaafi bishaan
- C. teekinooloojii bilbilaafi interneetii
- D. hunduu deebiidha.

5. Gaaffilee armaan gadii barreessuun deebisi.

- 1. Yaadni ijoo keeyyata lammaffaa maali?
- 2. Yaadni ijoo keeyyata sadaffaa maali?
- 3. Yaadni ijoo keeyyata afuraffaa maali?
- 4. Yaadni ijoo keeyyata shanaffaa maali?

6. Gaaffilee armaan gadii irratti mariyachuun yaada keessan waliif ibsaa.

- 1. Namni dhuunfaafi dhaabbanni kamiyyuu galii isaarraa taaksiifi gibira kaffaluun dirqama maaliif ta'e?
- 2. Bu'uraaleen misoomaa, tajaajiloonni hawaasummaafi hojiileen nageenyaa irra caalaatti maaliif mootummaadhaan dhiyaatu?
- 3. Hawaasni naannoo keessanii hubannoon isaan taaksii/gibira kaffaluu irratti qaban maal fakkaata? Taaksii kaffaluun mirga moo dirqama? Maaliif?

Barannoo 4: Barreessuu

Gilgaala 8. Sababaafi bu'aa

Himoota gabatee asii gadii keessatti dhiyataniif walqabsiiftuu, sababaafi bu'aa adda baasii barreessi.

Fakkeenya:

- Abdiin waan taaksii sirriitti kaffaleef, beekamtii argate.
 walqabsiiftuu - waan
 sababa – Abdiin waan taaksii sirriitti kaffaleef
 bu'aa - beekamtii argate.
- Harka keenya yeroo yerootti yoo dhiqanne, dhibee koronaa irraa of eeguu dandeenya.
 walqabsiiftuu - yoo
 sababa - harka keenya yeroo yerootti dhiqanne
 bu'aa - dhibee koronaa irraa of eeguu

Lak.	Himoota	Sababa	Bu'aa	Walqa bsiistuu
1.	Mootummaan taaksiirraa galii ga'aa yoo hinarganne, tajaajila fayyaa quubsaa kennuu hindanda'u.			
2.	Mootummaan sababa uummata irraa taaksiifi gibira sassaabuuf, bu'uuraalee misoomaa diriirsuuf nidirqama.			
3	Yoo daldaeltonni gatii seeraan ala dabaalan, jireenyi lammiilee nimidhama.			
4	Daa'imni kun waan baay'ee beela'eef, garmalee boo'e.			
5	Bishaan yoo faalame, dhibee garaa kaasaa namatti fida.			

Gilgaala 9

A. Mataduree ‘Gibira kaffaluu’ jedhu irratti yaadota ka’uu danda’an sababaafi bu’aadhaan walitti qindeeffachuun himoota shan barreessi.

Fkn. Lammiileen bu’aa daldalaa irraa gibira yoo seeraan kaffalan, mootummaan bu’uuraalee misoomaa diriirsuu danda’a.

B. Fakkeenya kenname ilaaluun himoota asii olitti barreessite walitti qindeessuun keeyyata tokko barreessi.

Fakkeenya,

Mataduree: Tamboo xuuxuu

Hima ijoo: Tamboon fayyaafi hawwaasummaa namaa nimiidha.

Yaadota gabbisan/callaa:

- Tamboo xuuxuun kaansarii sombaa namatti fida.
- Tamboo xuuxuun dhibee sombaafi dhibee ujummoo qilleensaa nama qabsiisa
- Tamboo xuuxuun sammuu namaa adoocha
- Tamboo xuuxuun foolii namaa balleessa
- Tamboo xuuxuun araada hamaaf nama saaxila.

Keeyyata ijaarame

Tamboon fayyaafi hawwaasummaa namaa nimiidha. Dhukkubni kaansarii sombaa tamboo xuuxuu irraan namatti dhufa. Dhibee sombaa kan biroofi dhibeen ujummoo qilleensaas akkasuma sababa araada kanaan namatti dhufu. Akkasumas, tamboon dhibee onnees nifida. Darbees, foolii namaa ni’ajeessa; jireenya hawaasummaa keessaa nama baasa. Araada qabsiisuun sammuu adoocha. Dabalataan, yeroo hunda tamboo xuuxuun baasiidhaaf nama saaxila. Yoo of harkaa dhaban hatanii ykn kadhatanii xuuxuuf dirqamu. Kanaafuu, tamboo xuuxuun fayyaafi hawwaasummaa namaa waan miidhuuf araada badaa kana irraa of eeguun barbaachisaadha.

Barannoo 5: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 10

A. Jechoonni armaan gadii dubbisa ‘Galii Mootummaa’ jedhu keessaa ba’an. Hiika isaan dubbisicha keessatti qaban barreessi.

Fakkeenyaaf, dawaa - qoricha

1. labsii (keeyyata 1) _____
2. alkallattii (keeyyata 1) _____
3. dameewwan (keeyyata 2) _____
4. qara (keeyyata 3) _____
5. aangoo (keeyyata 6) _____

B. Jechoota armaan gadii keessaa kan bakka duwwaa himoota asii gadii guutuu danda’an barreessi. Bakka duwwaa tokkoof yoo xiqqaate jecha sadii filachuu nidandeessa.

eegsisuu	walitti qaba	seeraala	nageenya	hojjata	wiirtuu
tasgabbi	Ijaara	kabachiisuu	giddugala	sassaaba	yakka
naamusa	Tiksuu	maddisiisa	daba	dhaabbata	gurmeessa

Fakkeenyaaf,

Mootummaan nageenya hawaasaafi birmadummaa biyyaa tiksuu/
eegsisuu/kabachiisuu qaba

1. Galiin taaksii irra argamu bu’uuraalee misoomaa _____.
2. Mootummaan maddoota taaksii adda addaa irraa galii _____.
3. Barnoonniifi fayyaan _____ keessatti kennamaniifi barsiifaman barbaadu.
4. Gaheen mootummaa _____ eegsisuudha.
5. Taaksii kaffaluu dhiisuun _____.

Barannoo 6: Caasluga

Hennaa: Ammeennaafi Darbennaa

Gilgaala 11

A. Hennaa himoota asii gadii xiinxaluun garaagarummaa gidduu isaanii jiru irratti gareen mariyadhaa yaada keessan dareef ibsaa.

1. Bokkaan roobaa jira.
2. Bokkaan roobe.
3. Bokkaan ganna ganna rooba.
4. Bokkaan eda roobaa ture.

B. Himoota asii gadii hennaa ammeennaafi darbennaa ta'uu isaanii adda baasuun bakka duwwaa kennamerratti barreessi.

Fakkeenyaaf,

a) Ibiddi niguba = Ammeenaa

b) Elemoon utuu manaa hinba'in naaf bilbile = Darbennaa

1. Eda kitaaba dubbisaan ture. _____
2. Ishiin daboodhaaf farsoo naqaa turte. _____
3. Tuujubeen wandaboo gaggabaabaa uffachuu jaallatti. _____
4. Lootoriin addaa namicha Godina Baalee tokkoof ba'e. _____
5. Bishaanichi danfaa jira. _____
6. Kaleessa utuu filmii hin'ilaalin qayyabachaan ture. _____
7. Oromiyaan shaampiyoona biyyoolessaa mootee jirti _____
8. Hiriya kee ta'uun koo na gammachiisa. _____
9. Mucaa koo waliinan Jimmaa deeme. _____

10. Barsiisaan keenya laaqana isaa nyaachaa jira. _____
11. Bokkaan halkan guutuu roobaa ture. _____
12. Elemoon utuu Ameerikaa hindeemin Adaamaa jiraata ture. _____
13. Isheen ogummaa konkolaachisummaa barattee jirti. _____

Yaadannoo

Yaadannoo: Darbeennaafi Ammeennaa

Gochi tokko yeroo itti raawwatamu qaba. Hennaan yeroo raawwii gocha sanaa yeroo ammaa wajjin hariiroo bu'uura godhachuudhaan ibsa. Gochi kunis kan yeroo ammaan dura raawwatame yookaan kan gara fuulduraatti raawwatu ta'uu danda'a. Gochi yeroo ammaan dura raawwatame hennaa darbaa jedhama. Kan yeroo ammaa raawwatu ammoo, hennaa ammaa jedhama. Gochi yeroo ammaatiin booda raawwatu ammoo, hennaa dhufu jedhama. Walumaagalatti, gochaaleen yeroo itti raawwatan irratti hundaa'uudhaan bakka gurguddaa sadiitti qoodamu. Kutaa kana jalatti hennaa ammaafi hennaa darbaa qofatu dhiyaate.

I. Ammeennaa

Hennaan kun gocha yeroo dubbachaa jirrutti raawwatamu yoo ta'u, hennaa ammaa (ammeennaa) jedhamee beekkama. Hennaan kunis akaakuu sadii qaba.

Ammeennaa salphaa

Gocha irra deddeebiin raawwatu, ykn dhugaa waliigalaa ibsuuf akkasumas waan jaallannu yookaan jibbinu ittiin ibsuuf gargaaramna.

Fakkeenyaaf,

- a. *Inni buna dhuguu jaallata.*
- b. *Aagituun Finfinnee jiraatti.*
- c. *Barsiisaan yeroo hunda gaawonii uffata.*
- d. *Abdiin ganama ganama mana barnootaa dhaqa.*

Hennaa amsiqaa

Gocha yeroo ammaa walitti fufee raawwatamaa jiru ibsa.

Fakkeenyaaf,

- a. *Caalaan uffata miiccaa jira.*
- b. *Birbirseen rafaa jirti.*
- c. *Isaan namoota walitti araarsaa jiru.*
- d. *Bokkaan roobaa jira.*

Ammeennaa murteessaa

Hennaan kun gocha yeroo darbe raawwatame garuu kan yeroo dubbataa jirru kanaan walqabatu ibsuuf oola.

Fakkeenyaaf,

- a. *An hojii manaa koo hojjedheen jira.*
- b. *Boontuun yakka shakkamte irraa bilisa taatee jirti.*
- c. *Yeroon qorumsaa darbee jira.*

II. Darbeennaa

Darbeennaan gocha yeroo ammaa dura raawwatame yookaan gocha yeroo darbe raawwatame kan ibsudha. Darbeennaan gochi ibsamaa jiru tokko yeroo darbe keessa kan xumurame ta'uu isaa, yeroo darbe jalqabamee itti fufaa turuusaafi gocha biroo dursee raawwachuu isaa ittiin ibsama. Tokkoo tokkoon isaanii asiin gaditti ibsamaniiru.

Darbeennaa salphaa: Waan yeroo darbe keessa eegalee yeruma sana raawwatame ibsa.

Fakkeenyaaf,

- a. *Caalaan rafe.*
- b. *Bokkaan caame.*
- c. *Sooriin ijoollee mana barumsaa geessse.*

Hennaa tarsiiqaa: gocha yeroo darbe keessa walitti fufiinsaan raawwatame ibsuuf oola.

Fakkeenyaaf,

- a. Mirgiseen miilla dhiqataa turte.*
- b. Barattootni qayyabataa turan*
- c. Daraaraan figicha shaakalaa ture.*

Darbeenna murteessaa: Hennaa kana keessatti gochoota lama yeroo darbe raawwataman keessaa tokko kan biroo dursee raawwatamuu kan ibsudha. Fakkeenyaaf,

- a. Utuu konkolaataa hinyaabin laaqana nyaannee turre.*
- b. Utuun achi hingayin bilbilaan siree qabanne.*

BOQONNAA



QABEENYA UUMAMAA

Bu'aalee barachuu

Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti:

- ergaa dubbisa dhaggeeffattee ni'ibsita;
- yaada ijoo barruu tokkoo nicuunfita;
- jechootaaf hiika walfakkii nikennita;
- fayyadama tuqaalee sirrii ta'an barreeffama keessatti nigargaaramta;
- dhamjechoota baay'ina agarsiisan addaan nibaasta.

Barannoo 1: **Dhaggeeffachuu** **Bosona Yaayyoo**

Gilgaala 1. Dhaggeefachuun duraa

Barruu siif dubbifamu dhaggeeffachuun dura gaaffilee armaan gadii irratti gareen mariyachuun afaaniin gabaasaa.

1. Bosona guddaa Itoophiyaa UNESCO irratti galmaa'e beektuu?
2. Waa'ee bosona Yaayyoo maal beektu?

Gilgaala 2. Yeroo dhaggeeffachuu

Barruu siif dubbifamu dhaggeeffachaa gaaffilee armaan gadii yoo sirrii ta'an 'Dhugaa' yoo dogoggora ta'an immoo 'Soba 'jechuun deebisi.

1. Aanaan Yaayyoo godina Buunnoo Beddellee keessatti argama.
2. Bosonni Yaayyoo aanaalee kanneen akka Doorannii, Algee Saachii, Biloo Noophaafi Hurrumuu keessaas niqooddata.
3. Bosonni Yaayyoo bosona guddaa Itoophiyaati.
4. Bosonni Yaayyoo kutaawwan gurguddoo sadi qaba.
5. Uummanni Aanaa Yaayyoo biqiloota kunuunsuu irratti aadaa cimaa qaba.
6. Bosona Yaayyoo keessatti holqa, fincaa'aa, horafi laggeen hedduutu argamu.

Gilgaala 3. Dhaggeeffachuun booda

Dubbisa dhaggeeffatte irratti hundaa'uun gaaffilee armaan gadiitiif deebii sirrii filadhu.

1. Yaayyoo ilaalchisee kamtu sirrii miti?
 - A. Bosona uumamaa qaba.
 - B. Buna uumamaa qaba.
 - C. Lubbu qabeeyyii akaakuu hedduu qaba.
 - D. Naannoo uummattoota Kibbaatti argama.
2. Bosonni Yaayyoo zoonii akkamii of keessaa qaba?
 - A. Zoonii lafa qonnaa
 - B. Zoonii kaloo horii
 - C. Zoonii bosona uffate
 - D. Hundi deebiidha

3. Akka dubbichaatti qabeenyi uumamaa Bosona Yaayyoo keessatti hinrgamne isa kami?
 - A. Warqee
 - B. hora
 - C. bineensota bosonaa
 - D. laggeen
4. Faayidaa bosona Yaayyoo kan hintaane kami?
 - A. Faalama qilleensaa hambisa.
 - B. Hoo'i lafaa akka dabaluuf gargaara.
 - C. Oomisha dammaa kenna
 - D. Bineensotaaf dahoodha
5. Yaayyoon bosona man'ee biqilootaafi bineensota gos-heddeeti.
 - A. Dhugaa
 - B. Soba
 - C. Hinbeekamu

Barannoo 2: Dubbachuu

Gilgaala 4.

Gaaffilee armaan gadii irratti gareen mariyachuun afaaniin dareef gabaasaa.

1. Bosonni Yaayyoo biyyaafis ta'e naannoo keenyaaf bu'aa olaanaa akka buusuu danda'uuf maaltu godhamuu qaba?
2. Bosona Yaayyoo irra miidhaan akka hingeenye qaamolee adda addaa iraa maaltu eegama?
3. Uummata aanaa Yaayyoo irraa maal baratte?

Barannoo 3: Dubbisuu

Gilgaala 5. Dubbisuun dura

Dubbisa itti aanee jiru utuu hindubbisiin dura waa'ee mataduree kanaa waan beektuufi waan beekuu barbaaddu gabatee armaan gadii keessatti guuti. Toorgadee 3^{ffaa} dubbisicha dubbisaa guuti.

Dhagaa Cilee		
Maal beekta?	Maal baruu barbaadda?	Maal baratte?
Fkn. <u>Gurraacha ta'uu isaa</u> _____ _____ _____	Fkn. <u>Faayidaa isaa</u> _____ _____ _____	_____ _____ _____

Gilgaala 6. Yeroo Dubbisuu

Dubisa dhiyaate saffisaan dubbisaa gaafilee armaan gadii deebisi.

- Cileen albuuda haaromuu hindandeenyedha (dhugaa/soba)
- Dhagaan cilee hoji dhabdummaa xiqqeessuu keessatti *shoora* guddaa taphataa jira. Hiikni jecha 'shoora' jedhuu
 - gahee
 - qooda
 - yaaddoo
 - A fi Bn deebiidha.
- Faayidaa dhagaa cilee kan ta'e kami?
 - Galtee warshaaleeti.
 - Oomisha xaa'ootiif oola
 - Madda galii biyyaati
 - hunduu deebiidha
- Dhagaan cilee faayidaa malee miidhaa hinqabu (dhugaa/soba).

Dhagaa Cilee



Dhagaan cilee bososaa biqiloota bosonaa irraa adeemsa waggoota miiliyoona 100 oliiti lakkaa'amuun uumama. Uumama isaatiifis sababa kan ta'an burkuteessa baakteeriyaa, ho'aafi dhiibbaadha. Cileen adeemsa kanaan uumamu boba'aa anniisaa guddaa qabu ta'a. Anniisaa kanas isa biqiloonni dur ho'a aduu irraa qopheeffatan irraa horata. Gardhabiifi gurraacha ta'uun beekama. Cileen uumamuuf waggoota hedduu waan barbaaduuf, albuuda haaromuu hindandeenyedha. Dhagaan cilee albuuda baay'ee faayida qabeessa, dinagdee biyya tokkoof murteessaa ta'edha.

Dhagaan cilee madda galii biyyaa tahuu bira darbee hoji dhabdummaa xiqqeessuu keessatti *shoora* guddaa taphataa jira. Dargaggoonni naannoo keenyaa hedduun waldaan gurmaa'anii albuudicha nibaasu; geejibsiisanii warshaaleef nidhiyeessu. Jireenya isaanii ittiin gaggeeffatu. Dinagdee biyyaa guddisaa jira. Kun immoo, hawaasni naannoo albuudichi kan kooti jedhee akka kunuunsuufi seeraan itti fayyadamu taasisera.

Dhagaan cilee faayidaafi miidhaa mataa isaa qaba. Faayidaa isaa keessaa inni guddaan, madda anniisaa eleektrikaa ta'uudha. Warshaaleen anniisaa guddaadhaan socho'an kanneen akka warshaa simmintoo, warshaa sibiilaa,

seeraamikiifi kanneen biroon akka galteetti itti fayyadamu. Albuuda kanarraa xaa'oonis ni'oomishama. Biyyoonni dhagaa kana qaban sharafa alaa guddaa irraa argatu. Kara biraatiin, dhagaan kun faayidaa gurguddoo akkuma qabu yoo sirnaan itti hinfayyadamne miidhaas niqaba. Dhagaan anniisaa maddisiisuuf boba'u keemikaalotaafi gaazota qilleensa faalaniifi ho'a lafaa dabalani kanneen akka miteenii, kaarboon monooksaayidii, kaarboon daayoksaayidiifi kan biroo gadhiisa. Miidhaalee jedhaman kana garuu kara ammayyaatiin gadi xiqqeessuun nidanda'ama.

Walumaagalatti, karaa ammayyaatiin dhagaa cileetti gargaaramuun xaa'oo oomishuu, humna annisaa maddisiisuu, akkasumas carraa hojii babal'isuun dinagdee biyyaa ceesisuun nidanda'ama. Dhagaan cilee Yaayyootti argamus albuuda abdiin irratti gatame keessaa isa guddicha. Mootummaan hawaasa naannoo hirmaachisuun albuuda kana diinagdee biyyaatiif oolchuun isaa hojii dinqisiifatamuu qabudha.

Gilgaala 7. Dubbisuun booda

A. Dubbisicha irraa waan baratte toorgadee 3^{ffaa} keessatti barreessii xumuri.

Dhagaa Cilee Yaayyoo		
Maal beekta?	Maal baruu barbaadda?	Maal baratte?
Fkn. <u>Gurraacha ta'uusaa</u> _____ _____ _____	Fkn. <u>Faayidaa isaa</u> _____ _____ _____	_____ _____ _____

B. Gaaffilee asii gadii dubbisa irratti hundaa'uun deebii isaanii barreessi.

1. Waantotni uumama dhagaa cileetiif sababa ta'an maal fa'i?
2. Dhagaan cilee sababa maaliif garee anniisaa haaromuu hindandeenye keessatti ramadame?
3. Miidhaa dhagaan cilee qaqqabsiisu danda'u tarreessi?

4. Qabeenya albuuda dhagaa cilee baasanii itti fayyadamuuf biyyi keenya maaltu irraa eeggama?

C. Dubbisa “Dhagaa Cilee” armaan olitti dubbiste keessatti yaada ijoo tokkoo tokkoon keeyyataa barreessi.

Keeyyata 1. _____

Keeyyata 2 _____

Keeyyata 3. _____

Keeyyata 4. _____

Barannoo 4: Barreessuu

Fayyadama Tuqaaleefi Qubguddeessaa

Gilgaala 8

Keeyyata armaan gadii tuqaaleefi qubguddeessa bakka barbaachisutti galchuun irra deebi’ii barreessi.

yaayyoon kennaa uumamaatiin badhaatuudha oomishoota kan akka buna uumamaa dammaa mi’eessituuwaniifi kan biroota beekamti bakka argama bosona gurguddoo waan taateefis akka addunyaatti beekamtee unescon galmeesseera kana qofa utuu hintaane bineensoti akka gafarsaa, qeerransaa, booyyee, karkarroo, kurupheefi bosonuu, achitti argamu mukooti guguddoon harbuu qararoo oomii lolchiisaa, lookoo, bosoqa, kombolcha baddeessaa qilxuu waddeessa somboofi kan kana fakkaatan hedduunis beekamtii yaayyootiif ga’ee qabu simbirroonni samii yaayyoorra balal’aniifi bosona ishee mana godhatanii jiraatanis hedduudha kanaafuu namoonni baay’een yaayyoon jannata lafarraatti jedhanii ajaa’ibiifatu ati hoo maal jetta

Yaadannoo

Sirna Tuqaalee

Sirni tuqaalee barreeffama keessatti faayidaa olaanaa qaba. Kanaafuu, haala sirrii ta'eefi bakka sirrii ta'etti fayyadamuun murteessaadha. Sirni tuqaalee barreeffama keessatti yeroo hedduu itti fayyadamnu keessaa muraasni isaanii qoodduu (.), mallattoo raajeffannoo (!) tuqaa (.), mallattoo gaaffii (?), fi kanneen kana fakkaatan tarreessuun nidanda'ama. Tokkoo tokkoo isaanii asii gaditti ilaaluun ndanda'ama:

1. Mallattoo Qoodduu (.)

Barreeffama keessatti faayidaa guddaa kan qabu, sirni tuqaalee baay'ee barbaachisaa ta'e qoodduudha. Barreeffama keessatti yeroo baay'ee kan itti fayyadamnuudha. Qoodduun faayidaalee hedduu qaba. Kanneen keessaa muraasni armaan gadiitti tarreeffamee jira:

i. Wantoota barreeffama yookaan hima keessatti tarreeffaman addaan baasuuf fayyada.

Fakkeenyaaf,

Kutaa 9ffaa keessatti akaakuu barnootaa garagaraa baranna. Isaanis, Afaan Oromoo, Afaan Ingilizii, Herregaa, Ogaartiiwwaniifi Fayyaafi Jabeenya Qaamaa baranne.

ii. Guyyaafi bara addaan baasuuf fayyada.

Fakkeenyaaf,

Abdiisaan Waxabajjii 30, 2010 eebbifame.

Hubachiisa

Fakkeenyota sadeen asii olii keessatti bakka sirna tuqaalee qoodduu jechi 'bara' jedhu galchuun nidanda'ama.

Fakkeenyaaf,

Abdiisaan Waxabajjii 30 bara 2010 eebbifame.

iii. Ciroo hirkataafi ciroo ofdanda'aa addaan qooduuf gidduu gala.

Fakkeenyaaf,

Abdiisaan barumsatti cimaa waan ta'eef, tokkoffaa bahee badhaafame.

2. Mallattoo Tuqaa (.)

Mallattoon tuqaa sirna tuqaalee keessaa isa tokko. Mallattoon tuqaa barreeffama keessatti bal'inaan itti dhimma baana. Barreeffama Afaan Oromoo keessatti mallattoo bakka armaan gadii keessatti dhimma itti baana:

i. Dhuma hima himamsaatti galuun yaadichi xumuramuu agarsiisa.

Kana malees, xumura hima ajaja cimaa hintaane yookaan hima raajeffannoo hintaaneetti galuun tajaajila.

Fakkeenyaaf,

a) .Abdiifi Boontuun barattoota.

b) Fayyaa guutuu argachuuf, qulqullina kee eeggachuu qabda.

ii. Jechoota kottoonfachiisuuf tajaajila

Fakkeenyaaf,

*a) Lakkoofsa **_lak_**.*

*b) Fakkeenya **_fkn_**.*

*c) Hubachiisa- **hub**.*

iii. Gabaajessinee barreessuuf tajaajila.

Fakkeenyaaf,

*a) Lakkoofsa Waraqaa Eenyummeessaa **_L.W.E_**.*

*b) Lakkoofsa Saanduqa Poostaa **_L. S. P_**.*

3. Mallatto Gaaffii (?)

Barreeffama Afaan Oromoo keessatti mallattoon gaaffii yeroo baay'ee kan itti dhimma baanudha. Mallattoon kun dhuma hima deebii barbaadu tokkootti gala.

Fakkeenyaaf,

Sirni Gadaa gogeessa yookaan dhaabbilee aangoo walirraa fuudhan meeqa qaba ?

4. Qoodduu Jabaa (;)

Mallattoo kanas barreeffama keessatti yeroo baay'ee itti gargaaramna. Qoodduu jabaan yeroo tokko tokko buufata xiqqaa jedhames niwaamama. Qoodduu jabaan faayidaalee asii gadii qaba:

i. Walqabsiistota himoota adda addaa walqabsiisan dura gala.

Fakkeenyaaf, .

Talaallii fudhachuun weerara Koovid-19 ofirraa ittisuuf fala tokko; kanaafuu, namni kamuu talaallii fudhachuu qaba.

ii. Ciroowwan ofdanda'oo lama kan caasaan isaanii walqixa ta'e gidduu gala.

Fakkeenyaaf,

Biiftuun sirriitti qo'atti; Caaltuun garuu, nirafti.

5. Tuqlamee (:)

Tuqlameen (:) barreeffama keessatti tajaajila hedduu qaba. Kanneen keessaa muraasni asii gaditti tarreeffamee jira:

i. Hima tokko booda galuudhaan wantoota tarreeffamaniif karaa bana.

Fakkeenyaaf,

a) Ani jireenya koo keessatti waa sadiin jibba : kijiba, hannaafi dhibaa'ummaa.

ii. Tuqlameen sa'atiifi daqiiqaa addaan baasuuf tajaajila.

Fakkeenyaaf,

Wayitii sadaffaa, sa'atii 3:20-4:00 tti, barnoota Afaan Oromoo baranna.

6. Mallattoo Raajeffannoo (!)

Mallattoon raajeffannoo dhuma hima dinqisiifannaa, rifaatuu yookaan hawwii yookaandhaadannoo agarsiisutti gala.

Fakkeenyaaf,

Uggum ! Maal dubbiin akkanaa!

Faayidaa Qubee Guddaa

Barreeffama keessatti qubeen guddaa iddoowwan armaan gadiitti fayyadamuun dirqama.

a. Qubeen jalqabaa hima haarawaa qubee guddaa ta'uu qaba.

Fakkeenyaaf,

Bishaan lubbu qabeeyyii hundaaf nibarbaachisa.

b. Maqaa namaa yommuu barreessinu qubeen jalqabaa qubee guddaa ta'uu qaba.

Fakkeenyaaf,

Badhaasaa , Jamaal, Gammadaa, Jiituu, Magartuu,

c. Qubeen jalqabaa guyyoota torbanii qubee guddaa ta'uu qaba.

Fakkeenyaaf,

Wixata, Kibxata, Roobii, Kamisa, Jimaata, Sambata, Dilbata

d. Maqaan baatiiwwan waggaa keessa jiranii yommuu barreeffaman qubeen jalqabaa qubee guddaa ta'uu qaba.

Fakkeenyaaf,

Fulbaana, Onkoloolessa, Sadaasa, Mudde, Amajji,

e. Maqaan biyyootaa, kutaa biyyaa, magaalotaa, gandootaafi kanneen kana fakkaatan yommuu barreeffamu qubeen jalqabaa qubee guddaa ta'uu qaba.

Fakkeenyaaf,

Afirikaa, Itoophiyaa, Oromiyaa, Jibaa, Baatuu...

f. Maqaan laggeeniifi gaarreen addaddaa yommuu barreeffamu qubeen jalqabaa qubee guddaa ta'uu qaba.

Fakkeenyaaf,

Laga Dhidheessaa, Takkazee, Tulluu Diimtuu,, Cilaaloo...

g. Maqaan afaanotaafi sabootaa yommuu barreeffamu qubeen jalqabaa qubee guddaa ta'uu qaba.

Fakkeenyaaf,

Afaan Oromoo, Afaan Ingilizii, Afaan Amaaraa, Oromoo, ..

h. Maqaa akaakuu barumsaa yommuu barreessinu qubeen jalqabaa qubee guddaa ta'uu qaba.

Fakkeenyaaf,

Afaan Oromoo, Herrega, Joogiraafii, Seenaa

i. Qubeen jalqabaa dhaabbilee mootummaafi ,mitimootummaa qubee guddaa ta'uu qaba.

Fakkeenyaaf,

- *Ministeera Barnootaa*
- *Yunivarsiitii Finfinnee*

Barannoo 5: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 9. Hiika Walfakkii

A. Jechoota roga A jalatti tarreeffamaniif hiika walfakkii isaanii roga B jalatti kennaman wajjiin walitti firoomsii.

<u>A</u>	<u>B</u>
1. muuxachuu	A. humna
2. burkutaayuu	B. bocdhabii
3. anniisaa	C. haaromuu
4. gardhabii	E. bososuu
5. galtee	F. maallaqa/jijjiirraa
6. faaluu	G. ciicata
7. sharafa	H. summeessuu/balfeessuu

B. Jechoota gaditti tarreeffamaniif hiika walfakkii kenni.

1. dhiibbaa _____
2. faayidaa _____
3. gumaacha _____
4. dilbii _____
5. madda _____
6. godaanuu _____
7. manca'uu _____

Barannoo 6: Caasluga

Dhamjechoota baay'ina agarsiisan

Gilgaala 10

A. Jechoota armaan gadii irraa dhamjechoota baay'ina mul'isan baasuun agarsiisi.

A. Fakkeenyaaf,

Lakk.	Jecha dhamjecha ofirraa qabu	Jecha	Dhamjecha
a	Hoolota	hoolaa	-ota
b	waraabeyyii	waraabessa	-yyii
c	Maqaalee	maqaa	-lee

Lakk.	Jechoota danooman	Jecha qeentee	Dhamjecha
1	Fardeen		
2	Gareewwan		
3	Ilmaan		
4	Simbirroota		
5	Jabbilee		
6	Gaangolii		
7	Gameeyyii		
8	Gaarreen		
9	Maatiiwwan		
10	Albuudota		

8. Jechoota asii gadii irratti dhamjechoota baay'ina agarsiisan dabaluun danoomsi

1. waa'ela
2. jaarsa
3. maanguddoo

4. lammii
5. ogeessa
6. waatii
7. waraabessa

Yaadannoo

Afaan Oromoo keessatti dhamjechoonni baay'ina yookaan heddummina agarsiisuun beekaman kanneen akka *-oota/ota*, *-een*, *-wwan* *-yyii*, *-olii/oolii*, *-lee*, *-an fa'i*.

Fakkeenyaaf,

a. *-oota/ota*

nama *namoota*

hoolaa *holota*

b. *-een*

laga *laggeen*

mana *manneen*

c. *-wwan*

gaaffii *gaaffiiwwan*

ardii *ardiiwwan*

d. *-yyii*

korbeessa *korbeeyyii*

sooressa *sooreyyii*

e. *-olii/oolii*

gooftaa *gooftolii*

haadha *haadholii*

f. -lee

ragaa ragaalee

warshaa warshaalee

g. -an

shamara shamarran

daa'ima daa'imman

ilma ilmaan

BOQONNAA

4

ASOOSAMA

Bu'aalee barachuu

Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti:

- ergaa asoosamaa dhaggeeffattee nihimta;
- seenaa asoosama dubbistee nidingisiiffatta;
- caaccuulee asoosama addaan baafachuun ni'ibsita;
- seenaa gabaabaa nibarreessita;
- haasaafi barreeffama keessatti jechoota akka barbaachisummaa isaaniitti nifayyadamta;
- ciroowwan adda addaa fayyadamuun hima ni'ijaarta.

Barannoo 1: **Dhaggeeffachuu** **Dungoo Halkan Sanaa**

Gilgaala 1: Dhaggeefachuun dura

Asoosama mata dureen isaa 'Dungoo Halkan Sanaa' jedhu dhaggeeffachuun dura gaaffilee armaan gadii deebisi.

1. Seeneffamni dhaggeeffachuuf deemtu kun waa'ee maalii sitti fakkaata?
2. Qooddattoonni seeneffama kanaa eenyufaadha jettee yaadda?
3. Hiika jechoonni armaan gadii seenessa keessatti qabaachuu malan tilmaami.

hawaayii

qoorshoo

Haxaarroo

naatoo

qaarmaan

Gilgaala 2: Yeroo dhaggeeffachuu

Seenaa siif dubbifamu dhaggeeffachaa gaaffilee armaan gadii akka gaafatamtetti deebisi.

1. Akka dubartii hinilaalle kan kakate eenyu?
2. Barsiisaa Boonsaan eessa deeme?
 - A. Adaamaa
 - B. Bishooftuu
 - C. Finfinnee
3. Barsiisaa Boonsaan mucayyoo yeroo mooraatti scene arge nagaa gaafatee jira.
 - A. Dhugaa
 - B. Soba
4. Umriin ishee waggaa _____ hincaalu.
5. Seenaan asoosama dhaggeeffattee waa'ee eenyufaati?
6. Bakkaafi yeroo seenaan kun itti raawwate ibsi.

Gilgaala 3. Dhaggeeffachuu booda

Gaaffilee armaan gadii irratti gareen mariyachuun afaaniin deebisaa.

1. Barsiisaa Boonsaan maalif akkasitti of ceepha'a jettee yaadda?
2. Mucattiin of ibsuuf maalif rakkatte sitti fakkaata?

Barannoo 2: Dubbachuu

Gilgaala 4. Caaccuulee Asoosamaa

Gaaffilee armaan gadii irratti gareen mariyachuun afaaniin ibsaa.

1. Namoonni asoosama keessatti hirmaatan maal jedhamu?
2. Namoota asoosama dhaggeeffattan keessa jiran maqaa, dhaabbii qaamaa, amala, umuriifi, hojii isaanii walitti himaa.
3. Yeroo, haalliifi bakki seenaan asoosama tokkoo keessatti dhi'aatu maal jedhama?

4. Akkaataan qindaa'ina seenaa asoosama tokkoo maal jedhama?
5. Asoosama dhaggeeffatte keessatti taateewwan jiran duraa duubaan waliif seenessaa.
6. Caaccuuleen asoosamaa kanneen jedhaman maal fa'i?

Yaadannoo: Caaccuulee asoosamaa

Caaccuulee asoosamaa keessaa muraasni kanneen asii gadiiti.

Seenaa: Seenaan asoosamaa taatee jalqabaa hanga dhumaatti seeneffamu. Taateen kun asoosama tokko keessaa hafuu hindanda'u.

Jaargocha: Jaargichi sabseenaadha; sababaafi bu'aa walitti hidhamee asoosama tokko keessatti dhiyaatu.

Namfakkii: Namfakkiin namoota waa'een isaanii ibsamu (qooddatoota) yookaan abbootii seenaati.

Yoomessa: Yoomessi yeroo, bakkaafi haala seenaan keessatti raawwate ilaallata.

Walddiddaa: Walddidaan walitti bu'iinsa namfakkiiwwan faallaa waliin dhaabbatanii yookaan kan namfakkiiwwan qaamolee biroo yookaan ofii isaanii waliin taasisanidha.

Dhaamsa: Dhaamsi garuu, ergaa asoosama sanaan barreessaan dubbistootaaf darbsuuf yaade ta'a.

Ija Seenessaa: Iji yookaan kalseenessuun ramaddii seenaan sun ittiin dhi'aatuun walqabata. Kana jechuun, ramaddii 1^{ffaa} kan seenessaan abbuma seenessicha raawwatu sana ta'ee waa'ee ofii isaa yeroo himudha. Fakkeenyaaf, barreessaan asoosama tokkoo taateewwan seenichaa kan isa irratti raawwate fakkeessee kan seenessu yoo ta'e kalseenessuu ija 1^{ffaa} jedhama. Seenaa asoosamaa halaala taa'uun waa'ee isaa akkas ta'e ykn taasisan jechuun kan dhiyeessu yoo ta'e immoo ija sadaffaadhaan himame jedhama.

Barannoo 3: Dubbisuu

Dungoo Halkan Sanaa (Kutaa II)

Gilgaala 5. Dubbisuu duraa

Gaaffilee armaan gadii afaaniin deebisi.

Hiika jechoota armaan gadii tilmaamii waan tilmaamte hiriya keetti himi.

hededa	kalaankala	shororkaa
abbale	basha'u	dhama'uu

1. Asoosamni dubbisuuf deemtu isa dhaggeeffatterraa kan itti fufeedha. Seenaan itti aanee jiru maal ta'a jettee yaadda?
2. Mucayyoon "Nan deebi'a," jettee barsiisaa Boonsaa biraa baate, ni deebitii laata?
3. Walitti dhufeenyi barsiisaa Boonsaafi mucayyoo hoteelaa akkam ta'a jettee yaadda?

Gilgaala 6. Yeroo dubbisuu

Asoosama itti aanee jiru dubbisaa gaaffilee armaan gadii akka gaafatamtetti deebisi.

1. Mucayyoon "Nan deebi'a," jettee barsiisaa Boonsaa biraa baate, deebitee jirti.
A. Dhugaa B. Soba
2. Barsiisaa Boonsaan mucayyoon baate, deebitee dhufuutti gammadee jira. A. dhugaa B. soba
3. Edaa ilkaan ishee _____ dha.
4. As nyaanni _____ hinjiru.

5. Barsiisaa Boonsaan dhufaatii mucayyootti _____
A. gammaddee jira. B. aaree jira. C. gaddee jira. D. jarjaree jira.
6. Mucayyoon mana hoteelaa eessaa dhufte?
A. Jimma B. Finfinnee C. Asallaa D. Hinbeekamu
7. Barsiisaa Boonsaan erga dubartii kakateen booda, jijjiirama fide akkamitti ilaala?
8. Caaccuulee asoosama kanaa addaan baasi.

Dubbisa

Ammas balballi cufaa isaa rukutame. Akka nama osoo rafuu kabalanii bitit jedhe.

“Nan dhufe,” jette.

Simboon fuula sanaa sammuu isaa dhiphisa.

“Thi... baheessa,” jedhe.

“Baga nagaan dhufte hinjettuu? Amma ammoo dabaree kee,” jettee kolfite. Yeroo isheen qas-qas jettu tokko tokkoon sagaleeshee hededa onneesaa kan tattaaraaru se’e. Edaa ilkaan ishees kaarruudha.

“Baga nagaan dhufte. Taa’i.” Fuula kolfa sodaa itti olqabee dubbate. Barcuma siree isaa miil-jala jirurra qubatte. Ijoolleen akkanaa maaliif akka hoteela dhaabbattu hingalleef.

“Kutaa biyyaatii dhufuu keedhaa?” ittiin jette.

“Ehee”.

“Yoos dadhabdee jirtakaa bishaan qulqulluun siif fida,” jettee qaruuraa siree mataa duraa fuute.

“Har’an dhufe mitii, hindhama’in,” jedhe.

“Kun dhama’uu miti,” jettee osoo deebii isaa hineeggatin baate. Boonsaan

ija isaa faana erges ofirra deebise. Yaada isaas gara keessa isaatti. Keessa isaa waliin dubbachuuf. Keessi isaas utuu kan dubbatu hindhabin kan dubbatu sodaate. Ofiin of sodaate. Ofiin of qaanfate. Jireenyi jiraachuu ishee osoo hintaane, baay'ina waggaa isheetu nama dadhabsiisa; qormaata daangaa hinqabne.

Uumaan uumamni... namni qaamni ofii...humni ofii... miirri ofii...kun cufti si qora. Kun cufti farda jireenyaa ati gulufsiisturraa, si kuffisuuf si bubbuta. Jireenyi farda guulaa mitii? Yoo itti baatu si fuudhee fiigee, ofii kaatee si sirbisiisee, kan fagoo hingeenyeef qaama si hurgufee, lubbuu si fuudhee dafqa si roobsisee, yoo itti beekteef kolfa qasaatee, itti wal'aallaan si imimmaansisee, utuu jira jettee itti rarraatuu, utuu ati hinse'in biyyoon si maka.

“Osoo amma isheen...,” jedhee, fedhiin isaa inni du’ee hindu’in. Ihiin! Osoo isheen maal taatee?!... majan!...sooma!...kakuu!...dhukkuba arraba ibiddaa-isa fooniifi dhiiga arraabu! Sammuu isaa waardiyyaa dhaabbachuuf kakatetu morme. ‘Silaas hoo mucaa daa’imaa.’ Utuu dhalchiteeyyuu geesista. Azalaa qormaataaf guddataa jirtu..!

Cufaa bantee yaada isaa gidduutti kutte-mucayyoon.

“Qofaa kee si dhiiseen ture mitii?” jette sagalee qal’oo mi’ooftu sanaan. Waan dubbatu dhabe. Ol ilaallaan ija bakkalcha sana irratti ibsiteetti-mucayyoo xinnoon. Sagaleen isaa osoo hollatuu, “Lakkii ... hinturree,” jedhe. Barcuma dhiistee siree irra teesse. Dugdi isaa bakka lamatti cite.

“Irbaata nyaattee?” jette.

“Ihi...hin nyaanne”

“As nyaanni mishaan hinjiru; hoteela ollaa tanaan siif fida.” jette.

Qarshii itti kennuu abbalee, “Ati as keessaadha moo mucaa warra manaati?” jedheen.

“Lamaan iyyuu miti.”

“Ihiin?”

“Ofii kee beeki,” jette.

“Akkamittan beekuu dandaya?” jedhe.

“Kana, kana, kana ilaalii bari,” jette - qaama ishee haxaarroo maddii isheefi rifeensa ishee qubaan agarsiisaa.

“Ammas naaf hingalle.” jedhe.

Takkaa kolfitee, “Durba Arsii hinbeektuu?” jette.

“At hoo mucaa xiqqoodhaa maal hojochuu as dhuftee?”

“Maal siif godha? inni gatii hinqabu. Maallaqa kenni osoo irbaatni hindhumin deemee siif fidaa.”

Diduu hindandeenye. Yaadni isaa garuu, daran waliin dhahame. Waa’ee ishee, waa’ee ofii isaa, waa’ee isheefi waa’ee ofii isaa yaada. Marti isaa akka foo’aa sariitii walxaxe. Erga kakateefi jireenya isaa kakuun duraa walbira qabee madaale. Kakuu sanaan booda shororkaa malee, gammachuun akka onnee isaatti hingorin nibeeka. Yoo kakachuun isaa madda gammachuu hinta’uuf ta’e maaliif, kakuu gaddaatti akka seenetu hiibboo itti ta’a. Maaliif waadaa onneen hinsooranne seenuu? ... biyya hiyyeessa keessatti dubartii lagatanii maal ilaalanii gammadu? ...eessa dhaqu? ...eessatti basha’u? ... ishee tokkittii malee, hiyyeessi kan sammuu isaa haaressu filmaata biraa maal qaba? Isheeniyyuu kennaa uumaan kennamte taateeti. ...kanaaf, ciisnaan ishee, teenyaan ishee, dhaabbannaan ishee, deemnaan ishee, ... halkan ishee guyyaa ishee ta’e gammachuun...

Dungoo Halkan Sanaa (Kutaa III)

Gilgaala 7: Yeroo dubbisuu

Seeneffamni kutaa II jalatti dubbistetti fufu armaan gaditti siif dhiyaate jira. Asoosamicha osoo hindubbisin dura gaaffilee asii gadii deebisi.

1. Taateen itti aanee dhufu maal ta'a jettee yaadda?
2. Mucayyoon maaliif nyaata lama fidde?
3. Akka asoosama kanaatti hiikni jecha keessummaa jedhu isa kam ta'a?
A. Nama haarawa B. Taatee haarawa C. Dubbii haarawa
4. Mucayyoon nama dhugaatii dhugu maaliif jibbite sitti fakkaata?
5. Caaccuulee asoosama kanaa addaan baasi.

Dubbisa

Kalaankalaa lama qofa qofaatti qabdee dhufte ~ mucayyoon.

“Nyaata ani qopheessellee ta’uu baatu, nyaata ani siif fide tanattii akka gammaddu nan abdadha!” jette, xarapheesaa irra kaayaa. Haasaan afaan isheetii bahu kan umrii isheerraa eegamu miti. Garaa isaatti ‘Raajiidha!’ jedhee quqqummaadee callise.

“Osoo hindhandhamatin hindubbadhu jetteetii?”

“Lakkii isaaf utuu hintaane...”

“Isaaf ta’es, arguuf hedda.” Harka dhiqachiifte dhiheessiteefi.

“Atis koottu kaa!”

“Lakkii anillee hin nyaadhuu,” jette.

“Ihiin! Maaliif?”

“Ani nyaadheera. Quufeen jira,” jette. Ofii ishee hin nyaattu taanaan buddeen lama fiduun ishee isa dinqe.

“Kana hunda qofaa koo maalan godharee?” jedhe.

“Takka Aayyaa tiyyaaf geessuu?” jette.

“Haadha kee moo?”

“Ehee”

“Essa jirti...jiru?” waan jedhutu harkaa bade.

“Kutaa hirribaa kanarraa sadaffaa keessa ciistee jirti.”

“Ni dhukkuba moo?”

“Miti.”

“Maaliiree?”

“Homaa.”

“Tole geessiif,” jedhee callise.

“Dhufe,” jettee buddeena tokko fuutee baate.

Waan marti keessummaa itti ta’e - barsiisaa Boonsaatti. Irbaata dhihaateef dafee dafee nyaatee kahe. Mana bunaa seenee waa dhuguu barbaade. Saniin booda, waan itti aanee dhufu tilmaamuu hindadhabne. Kakuu sana utuu beekuu dagachuu fedhe. Jarreen sooma itti tumanis baadiyyaatti hafan. Namni isa argu hinjiru. Tarii yoo Waaqayyoo!... itti fufee yaaduu hinbarbaadne. Waa’ee mucayyoo sanii garuu, homti taha jedhee hinshakkine. Isaa harkasaa dhiqatee cufaa banuuf harkisuufi mucayyoodhaa banuuf dhiibduu tokko ta’e. Inni keessatti deebi’e. Isheen ol seente.

“Nyaattee?” jette fuula ifa saniin ijasaa keessa ol ilaaltee.

“Eyyee, nyaadheera.”

“Rabbi siif haa laatu; osoo ati hindhufnee, Aayyaan tiyya hagabuu bulti.” jette.

“Maaliif?”

“Isa dhiisi. Amma eessa dhaquu kaate?” waan jedhutu itti bitaacha’e.

“Manaa bunaa dhaquuf.”

“Maal goota?”

“Xinnoo dhuguuf.”

“Maaloo hindhugin - nama dhugu hinjaaladhu,” jette mucayyoo xiqqoon sun. Ni na’e. Jaalala isa kam akka isheen odeessitu isaaf hingalle. Harka isheetiin harka isaa tuqxee jennaan dafee irraa deebi’ee sireerra gad taa’e. Bakka dhaabattutti haftee ijasaa keessa ilaaltee kolfite. Kolfa naasisaa - sodaachisaa.

“Joonjee wayiin sitti fakkaadhe mitii?” jette.

“Akkam?”

“Huccuu tiyya, rifeensa tiyya, tana ogguu ilaaltu. Aadaadhaam bar; achitti ni bareedaa.” Dhuftee isa cinaa sireerra teesse.

“I... Ehee.” Hafuurri isaa dhaqee deebi’uu dadhabe - barsiisaa Boonsaa.

“Maaliree?”

“Maal?”

“Maalin sitti fakkaadha?”

“Maal ... maal jedhuree? ... mucayyoo xinnoo haasaan ishee mi’aayu.”

“Bareedduu maaf naan hinjenne?” jette.

“Gaafa guddattee geessu, jedhamta kaa,” jedhe waan jedhu wal’aalee.

Isa dhiisi. Hayaa, amma nan deema,” jettee kaate. Dhugaadha hinseene. Sodaatee ture; dafee harka itti hiixate.

“Nagaan buli.” jette, harka fuutee.

“Atis nagaan buli.”

Yeroo isheen baatu, balbala cufee deebi’ee siree isaa keessa seene. Qormaata irraa furamuu isaaf boqonnaatu itti dhaga’ame. Silaas ofii sodaatee of jeeqe malee umriin mucayyoo kanaa waan shakkisiisu miti. Iccitiin ishee duubaa hiibboodha.

Dungoo Halkan Sanaa (Kutaa IV)

Gilgaala 8. Yeroo dubbisuu

Seeneffama kutaa IV armaan gaditti siif dhiyaate dubbisaa gaaffilee armaan gadiitiif deebii barbaadi.

1. Huccuu hirribaa _____ uffattee jirti.
2. Murtiin mana irratti kennamu hangam ture?
 - A. Waggaa 10
 - B. Ji'a 10
 - C. Waggaa 2
 - D. Ji'a 2
3. Hojiin abbaa mucayyoo hoteelaa maal ture?
 - A. Barsiistummaa
 - B. Qonna
 - C. Daldaltummaa
 - D. Loltummaa
4. Barsiisaa Boonsaan mucayyoo hoteelaa _____
 - A. haadha manaa taasisate
 - B. hojjattuu taasisate
 - C. obboleettii taasisate
 - D. hiriya taasisate
5. Caaccuulee asoosama kanaa addaan baasi.

Dubbisa

Baay'ee hinturre, kan ammas balbalichi rukutame. Hafuura isaa dhaabee dhaggeeffate ni dabalame.

“Enyudha?” jedhe.

“Ana. Bani.” Gurra isaa keessaa qofa osoo hintaane, mara qaama isaa keessaa dhagahame - sagaleen sun. Maaliif akka isheen deebite tilmaamuu hindandeenye. Huccuu hirribaa adii dheeraa uffatteetti. Ija isaa amanuu dadhabe.

“Qofaa kee taate jedheeni,” ofii ishee balbala cufte.

“Thii... Ani...”

“Alla... laalii qabi...” waa itti himuu fedhee arrabni isaa deebisuu dadhabe

“Dhufuu koo mufatte moo?” harka ishee lamaaniin harkasaa jabeessitee qabde. Harki ishee akka sibiila diimatee guba. Kan isaa dafqeera. Itti hirkatte! Mataan ishee qixa laphee isaatti hafe. Yeroo madaallii isaa eeguu dadhabee bitintiraa fudhatee sireetti ba’u hunda waan godhaa jiru hinbeeku.

“Huccuu kee ofirraa baasi,” jettee, kootii isaa irraa baafttee keesse, yeroo inni hammachuuf yaalu,

“Natti hinbu’in,” jettee, dugdaan ciiste. Akka ribuu ibidda bu’ee shuntuurra’ee achumaan callise.

“Hara’a gochaan marti haaraadha,” jette.

“Akkam?” jedhe sagalee sodaan du’een.

“Aayyaan koos jalqabde,” jette.

“Maal?”

“Nama waliin ciisuu kaa. Bar, erga dheengaddaa amma nyaachuu keenyaa. Agabuun asitti nu fixe. Kanarratti immoo, idaa siree kan guyyoota torbaatu nu irra jira - dhibba tokkoofi shan,” jette.

“Maal hojjettu asii?”

“Sitti hinhimu; lakkii nan hima. Dubartiin takkaa dhiira waliin ciiftee waan dhoksattu hinqabdu. Qaama itti agarsiistee iccitii kana caalu hinqabduu bar.”

“Maal godhan? Biyyaa baanee rakkoon nu argate. Argitee, abbaan kiyya loltuu ture - Koloneera. Waraana irratti du’e; waggaa lamaan dura - magaalaa kanatti mana ijaaree ture. Nuyi Asallaa jiraanna. Ana, haadha tiyyaafi obboleeyyan kiyyaaf qabeenya waan tokko hinhambifne; mana kana malee. Mana ammoo seeraan yoo murtaa’e malee, hinfudhattan jedhan. Seerri ammoo, murtaa’uu dide. Namatu murteessa ta’ee, ofiisaa murtaa’a ta’ee, ani hinbeeku. Osoo eegnuu ji’a kudhan dabarsine. Horiin nu harkatti

dhumte. Si hindinquu?... Abbaan ofii abbaa ofiiti, seera maal barbaachisa? Manni isaa kan ofii ta'uu..."

Waan hundi akka inni eege hintaane. Hammachuuf harka isaa mudhii isheerra dabarse. "Aayyaan tiyya osoo hinjaalatin har'a kanatti seente. Guyyaa booyaa turte... Lakkii ani daa'imaa homaa hinbeeku; ani durbaa bar. Waanan ta'un dhabe malee, ani hinfedhu; kun aadaa keenyatti qaanii guddaadha," jette.

Waan ta'e garaa isa raasee. Iji isaa imimmaan calale. "Hin yaadda'in. Ati ammaa jalqabee obboleettii kooti," jedhe. Kakuu isaa deebi'ee yaadate. Ammas ka biraa kakate. Akka obboleettii koo jedhetti, lubbuu biqiltuu kanaaf of kennuufi.

(Kitaaba asoosamaa 'Duungoo Halkan Sanaa jedhurraa fooyya'ee kan fudhatame)

Gilgaala 9. Dubbisuu booda

Gaaffilee armaan gadii irratti gareedhaan mari'adhaatii waan irratti walii galtaan dareedhaaf gabaasaa.

1. Wanti barsiisaa Boonsaa hineegin, kan isa qunname maali?
2. Taatee dubbisa kutaa saditti qoqqoodamuudhaan siif dhi'aate keessaa kan nama gammachiisu maali? Kan nama gaddisiisu hoo?
3. Asoosama kana dubbistee maaltu sitti dhaga'ame?
4. Ati osoo mucayyoo hoteela sana taatee, maal goota?
5. Asoosamni kun maal barsiisa?
6. Qooddataa goobangaleessi asoosama kanaa eenyudha?
7. Kalseenessuun ykn iji asoosamni kun ittiin dhiyaate maali jettee yaadda?

Barannoo 5: Barreessuu

Gilgaala 10. Seenessa Barreessuu

A. Seenessa dubbiste irraa akkaataa itti asoosamni ijaaramu hubattee jirta. Bifuma walfakkaatuun, asoosama gabaabaa caaccuulee asoosamaa of keessaa qabuufi nama hawwatu kan keeyyata 3 ykn 4 qabatu barreessuun dareedhaaf dubbisi.

Hub. Asoosamni barreessitu qabxiilee armaan gadii hammachuu qaba.

- Namfakkii qabaachuu
- Seenaa qabaachuu
- Jaargocha qabaachuu
- Yoomessa qabaachuu
- Waliddaa qabaachuu
- Dhaamsa qabaachuu

B. Seenessa barreessite daree keetiif erga dubbisteen booda caaccuulee asoosama keessatti argaman himi.

Barannoo 7: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 11.

Jechoota gabatee asiin gadii keessatti siif kennaman keessaa filachuun bakka duwwaa seenessa asiin gadii guutuu taasisi.

cillanfatee

hamaa

mil'ate

teessoo

ramadamti

Silumaa

gola

Seenessa

Sorseen barattuudha. Kutaa sagal baratti. Akka carraa ta'ee yommuu daree ramadaman, _____ (1) ishee ga'e. Osoo akka isheetii daree hiriyoonna ishee jiranitti _____ (2). Garuu hintaane. Guyyaan barnoota jalqaban nidhufe. Guyyaa jalqaba daree seenanii _____ (3) qabatan. Nama bira teessu ijaan barbaadde. Kan beektu tokkollee hinjiru. Bakka ijoolleen durbaa taa'an _____ (4). Iddoo duwwaan hinjiru. _____ (5) iddoo duwwaa tokko qofatu hafe. Innis Hinsarmuu bira. Dhaqqee teesse. Fedhii ishee hinturre. Dirqamtee achi galte; achi teesse. Carraa ishee taanaan Hinsarmuu bira teesse. Kana booda, Hinsarmuun _____ (6) of biratti ilaale. Nama beeku miti. "Wal haa barru," jedhee harka itti hiixate. Ija shakkiitiin ilaalte. Daftee _____ (7) baasuu hinfeene.

Barannoo 8: Caasluga

Akaakuu Ciroo

Gilgaala 12. Akaakuu Ciroo Adda Baasuu

Lama lama ta'uudhaan himoota itti aananii jiran keessaa ciroo hirkataafi ciroo ofdanda'aa adda baasuun barreessi.

Fakkeenyaaf,

- Akka nama osoo rafuu kabalanii, bitit jedhe.*
- Osoo dhalchiteeyyuu, geesista.*
- Osoo ati hindhufnee, aayyaan tiyya hagabuu bulti.*

Ciroo hirkatoon himoota armaan olii keessa jiran, 'Akka nama osoo rafuu kabalanii', 'Utuu dhalchiteeyyuu' kanneen jedhani. Kanneen hafan ciroo ofdanda'oodha. Osoo irbaatni hindhumin, deemee siif fidaa.

- Nyaata ani qopheessellee ta'uu baatu, nyaata ani siif fide tanattii akka gammaddu nan abdadha.

2. Osoo hindhandhamatin, hindubbadhu.
3. Ofii ishee hin nyaattu taanaan, buddeen lama fiduun ishee isa dinqe.
4. Jarreen sooma itti tumanis, baadiyyaatti hafan.
5. Yeroo isheen baatu, balbala cufee deebi'ee siree isaa keessa seene.
6. Gurra isaa keessaa qofa osoo hintaane, mara qaama isaa keessaa dhagahame.
7. Akka ribuu ibidda bu'ee, shuntuurra'ee achumaan callise.
8. Biyyaa baanee rakkoon nu argate.
9. Mana ammoo seeraan yoo murtaa'e malee, hinfudhattan jedhan.
10. Osoo eegnuu, ji'a kudhan dabarsine.
11. Aayyaana tiyya osoo hinjaalatin, har'a kanatti seente.
12. Ati ammaa jalqabee, obboleettii kooti.

Yaadannoo

Maalummaa Ciroo

Ciroon tuuta jechootaa ta'ee kan ergaa guutuu dabarsuu yookaan dabarsuu dhiisuu daanda'udha. Kana jechuun, tuuta jechootaa ta'ee kan matima of keessaa qabuufi gochima miiltoon deeggaramuun dhiyaatudha. Ciroon yeroo tokko tokko akka himaattis nitajaajila. Matimaafi gochima of keessaa qabaachuu danda'a jechuudha.

Fakkeenyaaf,

Hima, '*Tolaan cimee waan qo'ateef, qabxii olaanaa argate*' jedhu keessa ciroo lamatu jiru. Isaanis, '*Tolaan cimee waan qo'ateef,*' kan jedhuufi '*qabxii olaanaa argate.*' kan jedhudha.

Akaakuu Ciroo

1. Ciroo Hirkataa

Ciroo hirkataan matimaafi gochima kan qabu ta'ee kan yaadni isaa rarra'ee hafudha. Kana jechuun ergaa guutuu kan hindabarsine jechuudha.

Fakkeenyaaf,

Tolaan cimee waan qo'ateef, qabxii olaanaa argate.

Hima asii gadii keessatti qaamni jala sararama ciroo hirkataadha. Ciroom kun yaadni isaa rarra'ee hafe.

2. Ciroo Ofdanda'aa

Ciroo ofdanda'aan akaakuu ciroo keessaa tokko ta'ee matimaafi gochima kan of keessaa qabuufi ergaa/dhaamsa guutuu dabarsudha.

Fakkeenyaaf,

Tolaan cimee waan qo'ateef, qabxii olaanaa argate.

Hima asii olii keessatti qaamni jala sararama ciroo ofdanda'aadha. Ciroom kun yaadni isaa rarra'ee kan hafe osoo hintaane ergaa/dhaamsa guutuu kan dabarsudha.

.

BOQONNAA



AFOOLA OROMOO

Bu'aalee barachuu

Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti:

- maalummaafi yaadrimee afoolaa addaan baafachuun ni'ibsita;
- amaloota afoolaa addaan nibaafatta;
- akaakuu afoola Oromoo addaan nibaaasta;
- maalummaafi akaakuu gaalee addaan nibaasta;
- gaalee fayyadamuun hima ni'ijaarta.

Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Maalummaafi Amaloota Afoolaa

Gilgaala 1. Dhaggeeffachuun dura

Barruu isiniif dubbifamu dhaggeeffachuun dura gaaffilee asii gadii lama lama ta'uun irratti mari'adhaa.

Afoola jechuun maal jechuudha?

Akaakuuwwan afoola Oromoo keessaa maalfaa beektu?

Amaloonni afoolaa maal fa'i?

Gilgaala 2: Yeroo dhaggeeffachuu

Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachaa bakka duwwaa himoota armaan gadii guuti.

1. _____ jiruufi jireenyaa, qannoofi gadadoo, gaddaafi gammachuu, tolaafi hammeenya, jibbaafi jaalala hawaasaa ibsuuf tajaajila.
2. Afoolli amala isaan wal _____ fi tokko isaan taasisu qabu. Isaanis, _____, jijjiiramummaa, _____, hurrubummaafi miidhagina fa'i.
3. Amala afoolli qabu keessaa tokko dhalootaa gara dhalootaatti _____ afaaniitiin daddarbuu isaati.

Gilgaala 3: Dhaggeeffachuun booda

Gaaffilee armaan gaditti dhiyaataniif deebii sirrii filadhu.

1. Faayidaa afoolaa kan hintaane kami?
 - A. aadaa, duudhaa, falaasamaafi qaroomina hawaasaa mul'isuu.
 - B. aadaa, duudhaa, falaasamaafi qaroomina ummataa lufsiisuu.
 - C. aadaa, duudhaa, falaasamaafi qaroomina ummataa laaffisuu.
 - D. Afi B deebii nita'u.
2. Afoolli akka jijjiiramuuf sababa kan ta'u kami?
 - A. himamsa afaaniitiin daddarbuu
 - B. umrii dheeraa qabaachuu
 - C. qaroomina wajjin fooyya'aa deemuu
 - D. hundinuu deebiidha.

3. Mammaaksa armaan gadii keessaa kamtu miliquuf gargaara?
 - A. Akka baran dhiisanii akka baraatti bulu.
 - B. Qunkeen walgargaartee arba hiiti.
 - C. Hak! jedhan waa tufan; mammaakan waa himan.
 - D. Hunduu deebiidha
4. Kanneen armaan gadii keessaa kamtu afoola miti.
 - A. hibboo B. geerarsa C. mammaaksa D. diraamaa
5. Mammaaksi, “Bara hinbeekuu bareen achi kaa’a” jedhan Abbaan Jifaar jedhu maal barsiisaa?
 - A. hojii hunda hojjechuu baruun nama fayyaduu
 - B. hojii hojjechuun barbaachisaafi kabajamaa ta’uu
 - C. hojii nama fayyadu qofa adda baasanii hojjechuu
 - D. ‘C’ malee hundinuu deebii nita’u.

Barannoo 2: Dubbisuu

Gilgaala 5. Dubbisuun dura

A. Dubbisa “Afoola Oromoo” jedhu dubbisuun dura gaaffilee armaan gadii deebisi.

1. Afoola eenyutu kalaqe? Kan eenyuuti jettee yaadda?
2. Afoolli Oromoo faayidaalee akkamiitiif oola?

B. Hiika jechoota armaan gadii tilmaami.

1. too’ata 2. miliquu 3. hambaa 4. abbeentaa 5. kofoo

Gilgaala 6. Yeroo dubbisuu

Gaaffilee asii gadii dubbisa “Afoola Oromoo” jedhu saffisaan dubbisaa akka gaafatamtetti deebisi.

1. Afoolli qabeenya namoota beekumsa olaanaa qabaniiti (dhugaa/soba).
2. Afoola Oromoo kanneen jedhaman kam fa’i?
3. Amaloota afoolaa kanneen jedhaman maal fa’i?
4. Qabiyyee fi uunki afoolaa maaliif jijijjiiramaa deema?
5. Keeyyata 4ffaa keessatti geerarsi asii gadii maal ibsa?

Boqqolloon birraa dhufaa;

Baaduun arfaasaa dhufaa;

Eessa abbaa kootii fuudheen;

Walitti nyaadhee ilaalaa;

Humni ganama dhufaa;

Qalbiin galgala dhufaa.....

6. Gaaffilee ‘Gaangeen maaliif hindhaltu? Harreen maaliif malkaatti fincoofti?’ jedhaniif afoolli Oromoo deebii kennuuf yaalu kami?
7. Afoolli sammuufi dandeettii yaaduu daa’immanii cimsan kam fa’i?
8. Mammaaksiifi durduriin amaloota badaa balaaleffachuuf gahee guddaa qabu (A. dhugaa B. soba)

Afoola Oromoo

Afoolli hojii kalaqa sammuu kan dhalli namaa uumee itti fayyadamaa tureefi itti fayyadamaa jirudha. Afoolli qabeenya hawaasaati. Afaaniin dhalootaa dhalootatti daddarbaa kan dhufedha. Oromoon qabeenya afoolaan hedduu beekamadha. Afoola Oromoo keessaa muraasni durdurii, hibboo, mammaaksa, geerarsa, baacoo, eebbaa, jechamaafi kanneen kana fakkaatanidha. Akaakuun afoolaa kunniin seenaa, duudhaa, eenyummaa, falaasama, ilaalcha, safuu, amantii, siyaasa, beekumsaafi muuxannoo hawaasichi qabu ibsuu keessatti

shoora ol'aanaa taphatu. Afoolli amaloota mataa **isaanii** kan ittiin beekaman hedduu qabu.

Afoolli hundi amaloota **isaan** ibsaniifi ittiin beekaman qabu. Amaloota kanneen keessaa inni tokko, himamsa afaaniin labataa labatatti daddarbudha. Amalli biroon ammoo, afoolli jijjiiramummaa qabaachuu isaati. Kana jechuun, afoolli himamsa afaaniin waan daddarbuuf, yeroo dheeraa booda qabiyyee fi uunkaarratti jijjiiramni mul'achuun mala. Kana malees, afoolli kan ummataa tahuu isaati. Kana jechuun, afoolli kan ebeluuti kan jedhamu osoo hintaane, qabeenyummaan isaa kan hawaasaati. Kanaafuu, afoolli amaloota kanneeniifi kana fakkaatan qaba jechuudha.

Afoolli faayidaalee baay'ee qaba. Kan jalqabaa, faayidaa waa ibsuuti. Kana jechuun, dhimmoota gaaffii namatti tahaniif ibsuun afoolli deebii kennuuf yaala. Fakkeenyaaf, gaaffilee gaangeen maaliif hindhaltu? Harreen maaf malkaatti fincoofti? kanneen jedhaniif afoola Oromoo keessaa durduriin deebii kennuun ibsa. Akkasumas, hawaasni Oromoo afoola **isaatti** gargaaramee iccitiifi ergaa dhokataa waliif dabarsa; walakeekkachiisa; walgorsas. Fakkeenyaaf, namni abdii akka hinkutanne jajjabeessuuf, “Akka du'anitti hafan malee akka kufanitti hinhafan” jechuun mammaaksaan itti himu. Faayidaan afoolaa biroon immoo, seenaafi duudhaa hawaasaa labataa labatatti dabarsuufi cimee akka itti fufus taasisudha.

Dabalataanis, afoolli sammuu namaa nibashannansiisa; niqara; nibarsiisa.

Fakkeenyaaf, akaakuuwwan afoolaa keessaa baacoo, oduu durii, sheekoofi kanneen kana fakkaatan nama bashannansiisu. Haaluma walfakkaatuun, geersatti gargaaramanii bashannanuufi gootummaa dhaloota darbee dhaloota har'aatti dabarsuuf, gaabbii qaban ittiin ibsachuuf gahee guddaa qaba. Fakkeenyaaf,

Boqqolloon birraa dhufaa;

Baaduun arfaasaa dhufaa;

Eessa abbaa kootii fuudheen;

Walitti nyaadhee ilaalaa;

Humni ganama dhufaa;

Qalbiin galgala dhufaa;

Eessa abbaa kootiin fidaa?

Lameen waljala lufaa jedhun gaabbii qaban ittiin ibsachuuf geerarama. Kana malees, hibboon dandeettii yaaduu, xiinxaluufi sammuu daa'immanii cimsuu keessatti qooda olaanaa qaba. Bifuma walfakkaatuun, mammaaksiifi jechamoonni ogummaa dubbii gonfachiisu. Gama biraatiinis, mammaaksiifi durduriin amaloota badaa too'achuuf gahee guddaa qabu. Fakkeenyaaf, sobni amala gaarii akka hintaane ibsuuf, mammaaksa "Karaan sobaan darban gala nama dhiba" jedhu gargaaramuun barsiisu.

Walumaagalatti, afoolli qabeenya ummataa labataa labatatti afaaniin lufuudha. Faayidaalee bashannansiisuu, to'achuu, gorsuu, barsiisuu, seenaafi gootummaa labataaf dabarsuu qabu. Kanaafuu, afoolli dilbii beekumsaa waan ta'eef haala gaariin qoratamee galmeeffamuun dhalootni akka irraa baratu gochuun barbaachisaadha.

Gilgaala 7: Dubbisuun booda

A. Gaaffilee armaan gadii barreessuun deebisi.

1. Yaadni ijoo keeyyata lammaffaa maali?
2. Yaadni ijoo keeyyata sadaffaa maali?
3. Yaadni ijoo keeyyata afraffaa maali?
4. Yaadni waliigalaa dubbisa kanaa maali?

B. Gaaffilee armaan gadii dubbisa irratti hundaa’uun afaaniin deebisi.

1. Taphi ‘Jimaa Jimiitee ykn Hibboon -teen/ Hibboon-taar’ jedhu irraa daa’imman maal baratu?
2. Mammaaksa “Afaan dubbii bare utubaatti hasaasa” jedhu maal barsiisuuf ykn qeequuf mammaakama?
3. Mammaaksota waa barsiisuuf mammaakaman lama lama barreessuun ergaa isaanii walitti himaa.

Barannoo 3: Barreessuu**Gilgaala 8**

Dubbisa “Afoola Oromoo” jedhu dubbisuun hubatee jirta. Qabxiiwwan armaan gaditti kennaman fayyadamuun yaada dubbisichaa cuunfuun keeyyata tokkoon barreessi.

□ **Amaloota afoolaa**

- himamsa afaaniin labataa labatatti kan daddarba tahuu
- qabiyyee fi uunkaarratti jijjiiramni mul’achuu
- kan ummataa tahuu isaati.

□ **Faayidaa afoolaa**

- faayidaa waa ibsuu
- iccitiifi ergaa dhokataa waliif dabarsuu
- walakeekkachiisuu
- seenaafi duudhaa hawaasaa labataa labatatti dabarsuuf gargaara
- sammuu namaa bashannansiisuu; qaruu; barsiisuu.
- gootummaa dhaloota darbee dhaloota har’aatti dabarsuu
- dandeettii yaaduu, xiinxaluufi sammuu daa’immanii cimsuu
- amaloota badaa balaaleffachuu

Fakkeenyaaf,

Afoolli amala ittiin beekamamuufi faayidaa kennu qaba. Amala afoolaa keessaa inni tokko, himamsa afaaniin... Faayidaa afoolli qabu ammoo, tokkoffaa dhimma gaaffii ta'eef ibsuun deebii kennuuf yaala. Kan biroon ammoo, ...

Barannoo 4: Fayyadama Jechootaa**Gilgaala 9****A. Jechoota himoota asiin gadii keessatti jala sararamaniif hiika galumsaa isaanii filachuun deebisi.**

- Soolaneen naaf bilbiltee hinbeektu; maal akka isheen taate quba hinqabu.

A. Hingargaaru	C. odeeffannoo ishee hinqabu
B. quba isheetu citaadha	D. firootan ishee hinjaallatu
- Magarsaan akkuma obboleettii isaa quba harkaa dhedheeraa qaba.

A. qaama harkaa	C. fokkisaa
B. hojjaa dhaabbii	D. qeensa
- Guutamaan har'a bariin gara Finfinnee kute.

A. mure	B. deeme	C. cite	D. dhufe
---------	----------	---------	----------
- Uummanni Oromoo dhaha mataa isaa qaba.

A. rukutta	C. sirna fuudhaafi heerumaa
B. bulchiinsa	D. lakkoofsa guyyaafi baraa
- Mootiin yoo bofa arge uleedhaan dhaha.

A. safara	B. rukuta	C. darbata	D. ajjeesa
-----------	-----------	------------	------------
- Dhibee HIV/AIDS addunyaarraa dhabamsiisuun salphaa miti.

A. qaanii	B. laayyoo	C. ulfaataa	D. rakkisaa
-----------	------------	-------------	-------------

B. Hiika jechoonni jala sararaman himoota asiin gadii keessatti qaban barreessi.

1. Abbaan Dambee uffata dhahe.
2. Namichi hattuu faana dhahe.
3. Tolasaan namoota lama maqaa dhahe.
4. Dubbii keessa hinbeekne seentee hinborcin.
5. Bishaan taliila kana gubbaan seentee hinborcin.
6. Jette jettee namaatu jara addaan kute.
7. Fardi sakaallaa kute.
8. Kan qotiiyyoon iyyuu malu qacceen iyyiti jedha Oromoon.
9. Qacceen bineensa tokko tokkoo lafarraa badaa jira.

C. Garaagarummaa jechoota armaan gadii gidduu jiru irratti gareen mari'adhaa.

1. hubboo, oytee, ottee, okkotee, huuroo
2. gugee, bullaallaa, saphaliisa, makoodii, andarii
3. dansa, gaarii, misha, baroo
4. sardiida, wangoo, jeeydala
5. killee, buphaa, hanqaaquu, okokkaa, quuphaa

D. Naannoo keetti jechoota unka adda addaa qabaatanii hiikaan tokko tahan shan shan barreessuun hiika isaanii walitti himaa.

Yaadannoo

Jechoonni bakka bu'aa wantoota qabatamoo ta'aniifi qabatamoo hintaanees yookaan wantoota yaadaan jiraniiti. Jechoonni hiika heddeefi unka heddee qabaachuu waan danda'aniif yeroo itti gargaaramnu of eeggannoo gochuun barbaachisaadha.

a) Jechoota hiika heddee

Jechi tokko hiika lamaafi isaa ol qabaachuu danda'a. Jechoonni hiika lamaafi isaa ol qaban jechoota hiika heddee jedhamu.

Fakkeenyaaf,

1. Jecha “tume” jedhu hiika adda addaa ykn hiika heddee ta’uu isaa himoota asiin gadii keessatti ilaali.

Tolaan mucaasaa tume. Hiikni isaa dhaane / rukute kan jedhu ta’a.

Birbirsoon korma tume. Hiikni isaa kolaase / sangoomse.

Aliin midhaan tume. Hiikni isaa calleesse/siribe.

Caalchisaan sibiila tume. Hiikni isaa qare ykn boca itti baase.

2. Jecha ‘dhahe’ jedhu hiika garagaraa qaba.

Abbaan Jiruu uffata dhahe. Hiikni isaa tolche.

Komaanderiin hattuu faana dhahe. Hiikni isaa barbaade/hordofe.

Tolasaan shuume maqaa dhahe. Hiikni isaa waame.

Jechi tokko hiika garagaraa qabaachuu hubanna.

b) Jechoota unka heddee

Jechoota hiikni isaanii tokko ta’ee unka garagaraa qaban jechoota unka heddee jedhamu. Hiikni tokko jechoonni garuu unka lamaafi isaa ol ta’uun argamu.

Fakkeenya, lukkuu, indaaqqoo

Sardiida, jeedala, waangoo

Misha, dansa, gaarii, baroo,

Wiixata, Dafinoo, Hojja-duree, Ayyaan duraa

Jechoonni kunniin hiikni isaanii tokko; unkaan garuu, garagara.

Barannoo 6: Caasluga

Gaaleefi Akaakuu Gaalee

Gilgaala 10

A. Gaaleewwan roga ‘A’ jalatti tarreeffaman akaakuu gaalee roga ‘B’ jalatti kennaman waliin walitti firoomsi. Tokkoo ol firoomsuun nidanda’ama.

A

1. sangoota lama
2. lukkuu foonii
3. re’ee bite
4. gabaabaa furdaa
5. waa’ee jireenyaa
6. mukatti
7. muka jala taa’e
8. diimaa godeessa
9. bishaan dhuge
10. mana keessa

B

- A. gaalee durduubee
- B. gaalee gochimaa
- C. gaalee maqaa
- D. gaalee maqibsii

B. Himoota armaan gadii keessatti gaaleen jala sararame akaakuu gaalee kam akka ta’e filadhu.

1. Abbaan Gadaa namoota walitti araarse.

- | | |
|---------------------|--------------------|
| A. gaalee durduubee | C. gaalee gochimaa |
| B. gaalee maqaa | D. gaalee maqibsii |

2. Caaltuun hoolaa mukatti hiite.

- A. gaalee durduubee C. Gaalee gochimaa
B. gaalee maqaa D. gaalee maqibsii

3. Injifannoon siree sibiilaa bitte.

- A. gaalee maqibsii C. gaalee gochimaa
B. gaalee durduubee D. gaalee maqaa

4. Abdiin dheeraa sinboo qabeessadha.

- A. gaalee maqibsii C. gaalee gochimaa
B. gaalee durduubee D. gaalee maqaa

C. Gaaleewwan armaan gadii fayyadamuun hima ijaari.

1. buna jimmaa
2. siree sibiilaa
3. magaala lookoo
4. muka gubbaa
5. buna danfise

Yaadannoo

Maalummaa Gaalee

Gaaleen jechoota lama yookaan lamaa olirraa kan ijaaramu ta'ee, kan akka qaama tokkootti waliin socho'aniifi hiika yaadrimee tokkoo bakka bu'anidha.

Fakkeenyaaf,

- *bishaan qulqulluu*
- *sangaa diimaa*
- *buna Jimmaa*

Gaaleen jechoota qaama gaalee ta'an *mataafi miilto* irraa ijaarama. *Mataan* yeroo hunda hafuu kan hindandeenyeefi akaakuu gaalee kan murteessudha. *Mataan* gaalee gaalee keessaa yoo hafe, gaalichi hiika dhabeessa ta'a. *Miiltoon* ammoo, jecha mataa waliin hiriiruun gaalee kan ijaarudha. Mataa gaaleerratti hundaa'uun gaaleen akaakuu garagraatti qoodamu.

1. Gaalee maqaa

Gaaleen maqaa kan jechi mataa maqaa (caasaa maqaa) yookaan bamaqaa ta'edha.

Fakkeenyaaf,

- *mana citaa*
- *siree mukaa*
- *sangaa gurraacha*

Gaaleewwan armaan olii hundi isaanii gaalee maqaa jalatti ramadamu. Jechi mataa gaaleewwan kanneeniis maqaa jala sararamedha. Kanaafuu, gaaleewwan asii olii hundi isaanii gaalee maqaati.

2. Gaalee maqibsaa

Gaaleen maqibsaa gaalee mataan isaa maqibsa ta'edha.

Fakkeenyaaf,

- a) Daraartuun dheertuu qal'oodha.
- b) Baay'isaan sangaa diimaa gabbataa bite.

Gaaleewwan asii olii keessatti kan jala sararame gaalee maqibsaati. Sababni isaa, jechi mataa gaalee keessa jiru maqibsadha.

3. Gaalee durduubee

Gaaleen durduubee kan mataan isaa durduubee ta'edha.

Fakkeenyaaf,

- a) Tolaan gara Finfinnee deeme.
- b) Qamaleen mukarra teessi.

Himoota asii olii keessatti gaaleewwan jala sararaman gaalee durduubeeti.

4. Gaalee Gochimaa

Gaaleen gochimaa kan jecha mataa gochima ta'e ofkeessaa qabudha.

Fakkeenyaaf,

- a) Biiftuun kitaaba dubbiste.
- b) Mucaan aannan dhuge.

Himoota armaan olii keessatti qaamni jala sararame gaalee gochimaati. Gaaleen gochimaa ergaa guutuu dabarsuu nidanda'u.

BOQONNAA



OGWALALOO

Bu'aalee barachuu

Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti:

- walaloo dhaggeeffattee yaada ijoo isaa nihimta;
- dubbiiwwan qolaa walaloo dhiyaate keessaa addaan nibaafata;
- walaloo barreessuu keessatti dubbiiwwan qolaa nifayyadamta;
- amaloota walaloo addaan nibaafata;
- walaloo keessatti fayyadama jechootaa nishaakalta;
- walaloo nibarreessita.

Barannoo 1: **Dhaggeeffachuu** **Tattaafachuu**

Gilgaala 1. Dhaggeeffachuun dura

A. Walaloo siif dubbifamu dhaggeeffachuun dura gaaffilee asii gadii irratti hiriyyaa kee waliin mar'achuun afaaniin dareef ibsaa.

1. Ogowalaloon maali?
2. Walaloo dhaggeeffattee beektaa?
3. Walaloo dhaggeeffattee beektu keessaa tokko hiriyyaa keetti himi.

B. Hiikaa jechoota armaan gadii tilmaami.

1. akeekkatee
2. maa'ii
3. ammayyaa

Gilgaala 2. Yeroo Dhaggeeffachuu

Walaloo siif dubbifamu dhaggeeffachaa yaada hir'ate guuti.

1. Waan dhufeefis _____,
Guddifannaan _____
Bakka yaades _____.
2. Waqtii eegee _____
Isa argates _____
3. Inni hojjetus _____
Akka kanniisaa _____
Niguddata bakka _____

Gilgaala 3. Dhaggeeffachuu booda

Gaaffilee armaan gadii walaloo dhaggeeffatte irratti hundaa'uun deebisi.

1. Nama akkamiitu jireenya mo'ata?
 - A. kan cimee barate
 - B. kan yeroo isaa sirriitti fayyadame
 - C. Lamaanuu deebiidha.
2. Akka yaada walaloo dhaggeeffatteetti kamtu sirriidha?
 - A. Waqtii eeganii facaasuun barbaachisaadha.
 - B. Gorsa ogeessaa dhagahuun barbaachisaadha.
 - C. Waan argatan qusannaan fayyadamuun barbaachisaadha.
 - D. Hunduu deebiidha.
3. Ergaan waliigalaa walaloo dhaggeeffattee maali?

Barannoo 2. Dubbachuu

Gilgaala 4.

Ergaa buufata walaloo armaan gadii irratti mariyachuun dareef gabaasaa. Bu’aa ergichi isiniif qabus ibsaa.

1. Kan baratu jajjabaatee

Waan dhufeefis akeekkatee,

Kufee hinhafu wayi argata.

Bakka yaades niqaqqaba.

2. Bu’aa yeroo qayyabatee

Maalummaa isaas ilaallatee

Inni hojjatus jajjabaachuun

Akka kanniisaa tattaafachuun

Kaayyoo isaa yoo hubate

Nimul’ata bor guddatee

Barannoo 3: Dubbisuu

Gilgaala 5.

A. Walaloo ‘Uggum Kubbaa Miilaa!’ jedhu dubbisuun dura gaaffilee armaan gadiirratti gareen mariyachuun afaaniin deebisi.

1. Garaagarummaan ogwalaloofi barreeffamoota biroo gidduu jiru maal sitti fakkaata?
2. Dubbii qolaa jechuun maal jechuudha? Ogwalaloofi dubbiin qolaa walitti dhufeenya akkamii qabu?

B. Hiika jechoota asiin gadii walitti himaa.

- a. miiltoo _____
- b. qalbii _____
- c. quphanuu _____
- d. shumburii _____
- e. fiddoo _____

Gilgaala 6. Yeroo Dubbisuu

Walaloo asii gaditti dhiyaate saffisaan dubbisaa gaaffilee gadii haala gaafatamteen deebisi.

1. Barreessan walaloo kanaa duraanuu kubbaa miillaa ilaaluu nijaallata ture. (Dhugaa/ soba)
2. Miiltoon barreessaa walaloo kanaa gaafa kam isaaf bilbile?
3. “Barii raffisaan badii farrisa; guyyaa raffisaan qullaa hambisa” yommuu jedhu maal jechuu isaati?
4. Jalqabbii taphichaa arguu gojoma’anii akkamitti taa’anii eegaa turani?
5. Hoomaan namaa dirreetti yaa’e sun fuulli isaanii adda addaamoo tokko turee?
6. Bifti cululuqxuun maaliin walfakkaata?

Uggum Kubbaa Miillaa

Hirriba mi’ooftuurraa waamee na dammaqsee

Eenyu gaafa sana manaa akka na baase

Har’as nan yaadadha gonka hinirraanfanne

Ana nama dur kubbaa miillaa ilaaluu badaayyuu hinjaallane.

Miiltookoo tokkotu guyyaa Dilbataa tokko ganamaan bilbilee

“Ati ammayyuu inraftaa maal rakkatte yaale?

Barii raffisaan badii farrisa; guyyaa raffisaan qullaa hambisa

Halkan raffisaan qalbii gabbisa.”

Jedhee waa mammaakee, xiqqoos naqoccole.

Istaadiyoomii dhaqnee dabaree eeggannee

Akka mana cidhaa gumaata laadhannee

Walakkaan garanaan, walakkaan garasiin, istaadiyoomii taa’ee.

Quphanee ija miixa; jalqabii taphichaa arguu gojoma’ee.

Afaan hincallisu hunduu hindudubbata

“Maal hinjalqabamuu?” jedhee walgaafata.

Hoomaa namaatu yaa’e kan fuulli adda addaa

Dorgommii bifootaa morkii halluu hundaa

Adii wayyaa misirroo, fiddoo gugurraacha

Qomee akka cocorree, waan akka billaachaa

Kootii halluu bunaa, jaakkeeta akka dhiilgee

Dotiifi magariisa diimaa akka baggee,

Gurraacha limixii ykn adii weecaa.

Akka ija boqqolloo hunduu tooraa galee

Gabbataa fufurdaa tuullaa tulluu koontoo

Kaan funyaan gabaabaa kaan konkonni qottoo

Loomaa mormi lawwee, dheeraa mataa faaxuu

Gabaabdu dinsiree buchumee wal lixxuu

Bifa cululuqxuu akka killoo beeraa

Bifa saakachooftuu akka hammaartuu daaraa...

(Madda: Walaloo Zalaalam Abarraa waraabbii sagalee irraa barnootaaf akka tolutti fooyya’ee fudhatame)

Gilgaala 7: Dubbisuun booda

Gabatee asii gadii walaloo dubbiste irratti hundaa’uun dubbiiwwan qolaa tarreeffamaniif akaakuufi hiika isaanii barreessi. Deebii kee gareetti fiduun irratti mariyadhaatii dareef dhiyeessaa.

TL	Dubbii Qolaa	Akaakuu	Hiikaa
1	Barii raffisaan badii farrisa; guyyaa raffisaan qullaa hambisa	Anyarsee	Amala badaa hawaasa keessa jiruu ittiin qeequuf (gorsuuf)
2	Akka mana cidhaa gumaata laadhannee		
3	Adii wayyaa misirroo	Bakka buusa	
4	waan akka billaachaa	Akkasa	
5	Qomee akka cocorree		
6	Akka ija boqqolloo hunduu tooraa galee		
7	Gabbataa fufurdaa tuullaa tulluu koontoo		
8	Loomaa mormi lawwee		

Barannoo 4: Barreessuu

Gilgaala 8

A. Walaloowwan gaditti dhiyaatan keessaa dubbiiwwan qolaa jiran baasuun akaakuufi hiikaa isaanii barreessi.

Walaloo 1.

Hinka’u nifoqoqa

Akka gad-deebii mucaa

Hinfigu nimunyuuqaa

Akka dullacha qocaa

Takka immoo nifooggala

Akka waatii gurguddoo

Takka immoo irraa gala

Akka michii maanguddoo

Utaal takaallaa keen...

Bookkis cancala keen...

Walaloo 2.

Deega koo yaa farrisaa,

Tur amman si fannisaa,

Muka arbaa daraaretti,

Ilma abbaan abaaretti.

Walaloo 3.

Biyyi ofii haadha

Kan nama hinnuffine

Kan nama hinmuddine

Kan dhala hintufanne

Biyyi dandeessuudha.

Waan hundumaa baatti.

Waan hundumaaf naati.

Biyyifi haati tokko

Dadhabes hinjettu

Nandhabes hinjettu.

B. Mataduree tokko filachuun walaloo gabaabaa dubbii qolaa of keessaa qabu barreessi. Akaakuu dubbii qolaa gargaaramtes baasii barreessi.

Yaadannoo: Dubbii Qolaa

Dubbiin qolaa akkaataa dubbiiti. Akkaataa jechootatti bifa addaatiin dhaamsi yookaan ergaan ibsamuu barbaadame ifa taasifamu. Kanaafuu, dubbiin qolaa dibata fuulaa haasaa yookaan ergaa darbuuti jechuun nidanda'ama.

Dubbiin qolaa akaakuuwwan adda addaa qaba. Isaaniis, *akkee*, *bakka buusa*/ *iddeesa*, *nameessa*, *anyaarsee*, *ukukkubee*, *ate*, *habalakaafi* kanneen kana fakkaatani.

1. Akkee

Akkeen wantoota adda addaa lama waldorgomsiiisuun kan ibsudha. Jechoonni kunneenis akka, fakkaataafi kanneen kana fakkaatan fayyadamuun dhiyaata.

Fakkeenyaaf,

- a. *Xurunash Dibaabaa akka billaachaatti kaatti.*
- b. *Tolaan eessuma isaa fakkaata.*

Iddeesa/Bakka buusa

Iddeessi/bakka buusni wantoota lama kan uumamaan wal hinfakkaanne, amaloota tokkoo isa biroof kenna.

Fakkeenyaaf,

- a. *Caalaan waraabessa.*
- b. *Xurunasha billaacha.*

3. Nameessa

Nameessi amala, dandeettii bifaafi kanneen kana fakkaatan kan amala namaa qofa ta'ee uumame fuudhee bineensota, beeyladooaaaf kennee miira namni qabu akka horatan kan taasisudha.

Fakkeenyaaf,

- a) *“Haataa’u,”jedhe jaldeessi dhagaa garagaralchee.*

b) “Sagal elmamu, sagaltamni elmamu kan koo qiraaciitti” jette, adurreen.

4. Arbeessuu /Gurra guddeessaa

Arbeessuun wanti irratti dubbatamu tokko hamma ga’uun olitti baay’ee guddisuun kan himamudha.

Fakkeenyaaf,

- Bal’inni manni isaa farda gulufsiisa.
- Dheerinni rifeensaa ishee farda harkisa.

5. Habalaka

Habalakni dhimma, yaada, wanta jechuu barbaanne tokko karaa faallaa isaa ta’een yommu dubbannuudha.

Fakkeenyaaf,

- Nama gurraacha ta’een, “Faranjichi dhufe!” jechuu.
- Nama doqna ta’e tokkoon ‘Maal arjaan akkasii!’ jechuu

Barannoo 5: Fayyadama jechootaa

Gilgaala 9

A. Jechoota armaan gadiif hiikaa isaan walaloo olii keessatti qaban barreesi.

- foqoqa
- dullacha
- fooggala
- kaasuu
- Michii

B. Jechoota armaan gadiitiif hiikaa faallaa kenni

- dedhuu _____
- leetoo _____
- saaduu _____
- abuyyaa _____
- qeebaluu _____
- taadhii _____
- fakkansuu _____

Barannoo 6: Caasluga

Gilgaala 10. Garee jechootaa

Himoota asii gadii keessaa kan jala sararaman maqaa, maqibsa, gochima, gochibsa ykn durduubee ta'uu adda baasuun barreessi.

1. Nama gabaabaa ijoolleen hiriya seeti.
2. Isheen qajeelchitee dubbatti
3. Inni intala miidhagduu fuudhe.
4. Tolaan bishaan qorraa dhuguu jaallata.
5. Daraartuun saffisaan fiigde.
6. Weenniin mukarra taa'a.
7. Dabalaan buna ho'aa dhuguu jaallata.
8. Tolaan seenaa ummata isaa qu'ata.
9. Magarsaan gaaddisa mukaa jala taa'ee qu'ata.
10. Gaaddisaan boru dhufa.

BOQONNAA

7


GOOTOTA OROMOO

Bu'aalee barachuu

Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti:

- barruu siif dubbifamu dhaggeeffachuun yaada ijoo isaa nihimta;
- yaada kee ofitti amanamummaan ni'ibsita;
- barreeffama jamaa kee giddugaleeffate nibarreessita;
- jechoota sirritti niqubeessita;
- jirma (stem), hundee, fufii duraafi boodaa jechootaa adda nibaaf.

Barannoo 1: **Dhaggeeffachuu** **Qeerroo Nageessoo**



Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuu Duraa

A. Dubbisa siif dubbiffamu dhaggeeffachuun dura gaaffilee armaan gadii cimdii cimdiin irratti mari'adhaa.

1. Fakkii asiin oliirraa maal hubatta?
2. Namni Goota jedhamu nama maal hojjete jettee yaadda?
3. Gootota Oromoo keessaa eenyuunfaa beekta?
4. Qeerroo Nageessoon eenyu? Maaliin beekama?

B. Hiika jechoota armaan gadii tilmaami.

- | | | |
|------------|--------------|-------------|
| 1. weerara | 3. dhala | 5. kolaasuu |
| 2. jogola | 4. mogolchuu | |

Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu

Dubbisa barsiisaan kee siif dubbisu dhaggeeffachaa bakka duwwaa armaan gadii guuti.

1. Qeerroo Nageessoo bara _____ dhalate.
2. Maqaan dhalootaa Qeerroo Nageessoo maal jedhama?
3. Oromoota loltoota Minilikiin mala wallaalchisanii waaroo salphinaa uffachiisan keessaa tokko Qeerroo Nageessooti. '...mala wallaalchisanii waaroo salphinaa..' yommuu jedhu maal jechuudha?

Gilgaala 3: Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa

Dubbisa dhaggeeffatte irratti hundaa'uun gaaffilee armaan gadii akkaataa gaafatamaniin deebisi.

1. Waraanni Minilik Qeerroo Nageessoo maaf sodaate?
2. Qeerroo Nageessoo harka hinmuramu jedhee diduun kolaafame. Osoo harki isaa murameera ta'ee, maaltu uumama ture jettee yaadda?
3. Ergaan waliigalaa dubbisa dhaggeeffattee maali?
4. Dubbisa dhaggeeffatte kanarraa maal baratte? Maal dinqisiifatte?

Barannoo 2: Dubbachuu

Gilgaala 4.

Gaaffilee armaan gadii hubannoo dubbisa dhaggeeffatterraa argatteefi muuxannoo kee walitti walqabsiisuun afaaniin deebisi.

1. Qeerroo Nageessoo maaliif harka isaa mursiisuu dide jettee yaadda?
2. Seenaa nama beekamaa/tuu tokko fudhachuun dareef afaaniin dhiyeessi.

Barannoo 3: Dubbisuu



Gilgaala 5. Dubbisuun dura

A. Deebii gaaffilee armaan gadii gareedhaan irratti mariyachuun waan irratti waliigaltan dareef gabaasaa.

1. Gootota Oromoo angafoota jedhaman keessaa eenyufaa beektu?
2. Oromoota Qubee Afaan Oromoo bocuutiin walqabatee maqaan isaanii ka'u eenyuunfaa beektu?
3. Waa'ee Dooktor Hayilee Fidaa maal beektu?

B. Dubbisa itti aanu osoo hindubbisin hiika jechoota itti aananii jiranii tilmaamuun walitti himaa.

1. wareegamuu

3. qolachuu

2. madaqsuu

4. imaluu

Gilgaala 6. Yeroo Dubbisuu

A. Dubbisa itti aanee jiru dubbisaa, gaaffilee asii gadii deebisi.

1. Hayileen Fidaa barnoota isaa cinaatti maal hojjataa ture?

2. Kitaabonni Hayilee Fidaa maxxansiise meeqa? Maal maal jedhamu?

3. Hayilee Fidaa barnoota isaa digirii 2ffaa fi 3ffaa eessatti barate?

A. Biyya Faransaay

C. Jeneraal Wingeet

B. Yunivarsitii Finfinnee

D. Deebii hinqabu

4. Hayilee Fidaa dhalatee Wagga meeatti Yuunivarsitii Finfinnee seene?

A. 25

C. 28

B. 22

D. 30

5. Hayilee Fidaa bara kam addunyaa kanarraa boqote?

Dooktor Hayilee Fidaa

Dooktor Hayilee Fidaa bara 1939 (ALA) abbaa isaa Obbo Fidaa Kumaafi haadhasaa Aadde Guddinee Gadaa irraa Wallagga magaalaa Arjootti dhalate. Barnootasaa sadarkaa 1^{ffaa} *achumatti* erga xumuree booda, kan sadarkaa giddu galeessaa Naqamteetti barate. Kan sadarkaa lammaffaa ammoo, Finfinneetti darbuun Mana Barnootaa Jeneraal Wiingeetitti qabxii olaanaadhaan xumure. Sana booda Bara 1961 Yuunivarsitii Finfinnee gale. Jii'oo Fiiziksii barachuudhaan qabxii olaanaa fidee, yuunivarsiitichatti barsiisaa ta'ee qacarame. Yuunivarsitii kanatti waggaa tokko erga barsiiseen booda, gara Faransaayitti imaluun barnoota isaa digirii 2^{ffaa} fi 3^{ffaa} barate. Biyya sanaatti

barnootaa isaa xumuruu cinatti barattoota Itiyoophyaa Awurooppaa keessa jiran ijaaruun akka sirna cunqursaa biyya keessaa irratti qabsaawaniif sochoosaa ture. Akkasumas, Paartii Sooshaalistii biyya Faransaayiif barreessaa kabajaa ta'ee hojjataa ture.

Adeemsa kana keessa, Hayileen guddina Afaaniifi seenaa Oromootiif hojii olaanaa hojjateera. Seenaan saba kanaa akka beekamuuf, akkasumas uummatichi afaan isaatiin dubbachuu, barreessuufi dubbisu akka danda'uuf dhamaatii bu'a qabu taasiseera. Hayyoota Oromoo biyyoota Awurooppaa walitti gurmeessuun seerlugaafi qubee Afaan Oromoo ittiin barreeffamu qoratee akka itti fayyadamaniif kaka'umsa guddaa uumeera. Hojiilee Hayileen hojjate keessaa tokko kitaabota Afaan Oromoo kanneen “Hirmaata Dubbii Afaan Oromoofi Bara Birraan Bari'e” jedhan barreessuun isaan ijoodha. Kitaabni “Hirmaata Dubbii Afaan Oromoo” jedhu jalqabaaf bara 1973 yoo maxxanfamu irra deebiidhaan bara 1979 barattoota Oromoo Awurooppaatiin maxxansameera. Kanneenis qubeewwan haaraa 35 qubee Laatiiniirraa madaqsee fayyadamee kan barreesse ta'uu isaa ragaaleen ni'ibsu.

Kitaabota kunneen kan bara sana dura barreeffaman irraa kan adda taasisan dhimmoonni sadi'i jiru: kan qubee, kan kaayyoofi kan ogummaa afaaniitiin walqabatani. Akka seenaan himutti kitaabonni yeroo duraatiif barreessaan Oromoo qubee Afaan Oromoo isa ammaa kanaan barreesse **isaan** kana. Sana dura kitaabonni seerluga Oromoo hundi beektota lammii Awurooppaatiin barreeffamaa turan. Akka kaayyootti ammoo, kitaabonni kunneen tokkummaafi dammaqina uummata Oromoo cimsuu irratti kan xiyyeeffatan ta'uudha. Kaayyoon kitaabota biroo amantii babbalisuufi lammileen Awurooppaa Afaan Oromoo baratani uummata Oromootiin waliigaluu akka danda'an kan giddu galeeffatan ture. Gama ogummaatiin yoo ilaalamu ammoo,. Kitaabota kanneen keessatti Hayileen caaccuulee seerluga Oromoo sagalee irraa kaasee hanga caas-himaatti gadifageenyaan xiinxaluun mullatee jira. Mijaayina qubeen Laatinii qubeewwan Gi'izii caalaa Afaan Oromootiif

qabu agarsiisuun ce'umsa sirna barreeffamaa taasisseen uummata Oromootiif waan guddaa gumaachee jira. Kunis, ummata Oromoo biratti Abbaa Qubee Afaan Oromoo jedhamee akka beekamu isa taasisiira.

Akkasumas, Hayileen uummata Oromoo garee cunqursaa sirnaa Itiyoophiyaa yeroo sanaa jalaa baasuuf gareewwan tooftaa lamaan qabsaa'an ijaaree ture. Gareewwan kunneen keessaa inni tokko, gaaffiin Oromoo gaaffii sirnoota bittaa Habashaa ta'uu kan hubachiisuufi Oromoon koloneeffataa Itiyoophiyaa jalaa ba'uun dirqama akka ta'e amansiisu ture. Inni kun cunqurfamuufi mirga ofiin of bulchuu dhabuu uummatichaa ragaadhaan deeggaree dhiyeessuun kan qabsaa'uu ture. Gareen biraafi kan Hayileen keessatti of ramade ammoo, gaaffiin Oromoo gaaffii sadarkaa biyyaati jedhee kan amanu. Kunis mootummaa biyyattii dimokiraatawaa taasisuun hiikkachuu danda'a kan jedhu qabatee qabsaa'aa ture. Innis, sirna cunqursaa biyyattii akka walii galaatti ofirraa qolachuuf sochii Warraaqsa Barattoota Itiyoophiyaatti gaaffii kana fiduudhaan mormii qindeessuun bulchiinsa yeroo sanaa irratti kakaasaa ture. Garuu, hinmilkoofne. Sochiin isaanii cimaa waan tureef, hedduu isaanii irratti tarkaanfiin du'aa fudhatame. Hayileenis qabsoo kana keessatti bara 1979 akkaataa ifa hintaaneen wareegameera. Umrii kanaan du'uun isaa Oromoon ogeessaafi qabsaa'aa cimaa kan guddina afaaniifi bilisummaa uummataatiif socho'aa ture akka dhabu taasisiira. Yeroo ammaa kana siidaan yaadannoo Dooktor Hayilee Fidaa Mana Barnootaa Sadarkaa Lammaffaa Ifa Boruu Bultii Addaa Dodolaa keessatti dhaabbatee jira.

Gilgaala 7. Dubbisuun Booda

A. Gaafilee asii gadii yaada dubbisa asii olii irratti hundaa'uudhaan deebisi.

- Keeyyata 1^{ffaa} keessatti jechi “..achumatti...” jedhu maal bakka bu'a

A. Magaalaa Arjoo	C. Mana Barnoota Wiingeet
B. Magaalaa Finfinnee	D. Yuunivarsitii Finfinnee

2. Keeyyata 3^{ffaa} hima 2^{ffaa} keessatti jechi ‘..isaan..’ jedhu maal bakka bu’uu danda’a?

- A. Barreessistoota
- B. Kitaabota
- C. Uummata Oromoo
- D. Gootota Oromoo

3. Akka yaada keeyyata 4^{ffaa}tti kamtu sirriidha?

- A. Dooktor Hayileen guddina Afaan Oromoofi bilisummaa uummata Oromootiif nama qabsaa’e ture ta’uu.
- B. Mootummaa biyyattii dimokiraatawaa taasisuun rakkoo biyyattii hiikuun nidanda’ama jedhamuu.
- C. Mirga saba Oromoo malee kan saboota biroo kabajamaa turuu.
- D. Afi Bn deebiidha.

4. Gaaleen “Biyya sanaatti...” jedhu dubbisa keeyyata 1^{ffaa} keessatti maal bakka bu’a?

5. Baroota gabatee keessa jiran taateewwan gaditti jiranii waliin walitti froomsi.

1979	1973	1961	1939

- A. Bara dhaloota Dooktor Hayilee Fidaa
- B. Bara Hayilee Fidaa barnoota Yuunivarsitii Finfinnee eegale
- C. Hayilee Fidaa qubee haaraa 35 boce
- D. Bara maxxansa irra deebii qubee haaraan maxxansame.

B. Dubbisa irratti hundaa’uudhaan gaaffilee asii gadii

barreessuun deebisi

1. Gumaacha Dooktor Hayilee Fidaa guddina Afaan Oromootiif taasise barreessi.
2. Seenaa Dooktor Hayilee Fidaa irraa maal hubatte?
3. Ati uummata keetiif gumaacha maalfaa taasisuu barbaadda? Akkamitti?
4. Siidaan yaadannoo goototaaf/beektotaaf dhaabuun bu’aa maal qaba?

Barannoo 5: Barreessuu

Gilgaala 8.

Keeyyata armaan gadii fakkeenya godhachuun mataduree “Manneen Barnootaa Keessatti Barattootaaf Laaqanni Dhiyaachuu Qaba” yaada jedhurratti keeyyata amansiiaa tokko barreessi. Nama barreeffama kee dubbisu amansiisuu haala danda’uun barreessi.

Fakkeenyaaf,

Shamarran qofti utuu konkolaachisanii balaa tiraafikaa xiqqeessuun nidanda’ama. Ragaan qorannoo biyyoota hedduu akka agarsiisutti shamarran of eeggannoodhaan konkolaachisu. Shamarran gara laafina waan qabaniif, dhalli namaa yeroo balaan kamiyyuu irra ga’u arguu hinbarbaadan. Miira haadhummaafi jaalalaa cimaa waan qabaniif, lubbuun namaa baay’ee isaan marara. Itti gaafatuumummaan cimaan waan itti dhaga’amuuf, balaa hin’uuman. Dhiironni garuu harka caalu waan of jaallataniif, namaaf hindhimman. Shamarran caalaas gara jabeeyyii ta’anii beekamu. Yeroo konkolaachisanis fedhii isaanii waan caalchifataniif, imaltoota lafoos ta’e konkolaachistota biroof dursa kennuu hinjaallatan. Kunniin immoo sababoota balaan konkolaataa hammaatuuf ta’anii beekamu. Akka malee waan ofitti amananiif, dogoggora xiqqoodhaan balaa ciccimaa geessisu. Walumaagala, konkolaachisummaan hojii tasgabbiidhaan namoota biroofis

yaadaa hojjatamu waan ta'eef, baay'inaan shamarran osoo irratti bobba'anii balaa tiraafikaa salphaatti xiqqeessuun nidanda'ama.

Barreeffama amansiisaa

Barreeffamni akaakuu kanaa yaadaafi ilaalcha jamaa jijjiiruuf barreeffama. Yaadota wal nama falmisiisantu dhiyaatu. Dhimmoota falmisiisoo ta'an kana mormuun yookaan deeggaruun barreeffama. Kanaafuu, barreessitoonni ejjennoo ofii sababootaafi ragaaleen nama amansiisaniin deeggaranii dubbistoota amansiisuuf barreessu. Yaada gareen mormitootaa dhimmicharratti qaban falmuun ejjennoo mataasaanii dhiyeessu. Kanaaf immoo fakkeenya olitti dhiyaate ilaaluun nidanda'ama.

Gilgaala 9.

Barreeffama ibsaa armaan gadii fakkeenya godhachuun mataduree “Hojii Uummachuu” jedhu ibsii barreessi.

Fakkeenyaaf,

Dhukkubni koronaa Chaayinaatti mul'atee yeroo gabaabaa keessatti ardiwwan waliin ga'e. Koronaan, somba cuqqaaluudhaan hargansuu namaa danqa. Mallattoonsaa gogaa qufaasisuu, qaama ho'isuu, hafuura baasuufi galchuu dadhabsiisuufaadha. Kanneen dhibee dabalataa qabani immoo irra caalaa miidhamoodha. Carraan dhibee kanaan du'uu isaaniis olaanaadha. Namoonni baay'een firootaafi maatii baay'ee jaal'atan hedduun balaa kanaan dhabaniiru. Gadda mana nama baay'eetti galcheera. Oduun du'aafi sodaan koronaa addunyaa raasaa jira. Ogeeyyiin addunyaa kanaa, maddaafi furmaata dhibee kanaa bira ga'uuf guddoo dhama'aa jiru. Maddi isaa wal'aalamuufi amalli isaa jijjiiramaa deemuun dawaafi talaallii qopheessuu ulfaataa taasissee jira. Falli yeroodhaaf argame tatamsa'inasaa daangessuun dhibee kana ofirraa ittisuu qofa.

Barreeffama ibsaa

Barreeffamni ibsaa jamaaf ykn dubbistootaaf ragaa ykn odeeffannoo qabatamaa dhiyeessa. Mataduree tokko irratti ragaa, lakkoofsa, haqa jiru dubbistoota hubachiisuuf barreeffama. Ilaalchaafi yaada dhuunfaa irraa bilisa. Dhimma barreeffamu ilaalchisee gaaffilee: maal? maalif? akkamitti? jedhaniif deebii kenna.

Gilgaala 10

Fakkeenya gaditti dhiyaate ka'umsa godhachuun mata duree “**Mana jireenyaa koo ykn Mana barnootaa koo**” jedhu addeessuun keeyyata tokkoon barreessi.

Fakkeenyaaf,

Manni Marabbaan keessa jiraatu goorduuba bal'aa, gola ciisichaafi kutaa nyaata itti qopheessan qaba. Golli ciisichaa isaa foddaa gara manduubaatti banamuu kan kuduraaleefi muduraalee inni kunuunsu agarsiisu qaba. Biqilootasaa kana akka ilmoo isaatti waan jaallatuuf guyyaa guyyaatti keessa deemee niqulleessa; bishaanis ni'obaasa. Gola ciisicha isaa keessa kallattii foddaa kanaan barcuma hirkoo qabu kan yeroo baay'ee irra taa'ee kitaaba dubbisu qaba. Gorduubi manasaa teessuma mijaawaa, TV, girgijjii kitaabota baatuufi ililliiwwan faayamanii miidhaginaaf taa'an yoo qabaateyyuu hamma biqiltoota manduuba isaa jiranii isa hinhawwatan. Kanaafuu, yeroosaa bal'aa achitti dabarsa. Darbee darbee galgala manasaa duubaan bakka itti abidda qaqqaammataa qilleensa fudhatu qaba. Walumaagalatti, Marabbaan mana ofisaa qabaatee gammaddee kan jiraatu yoo fakkateyyuu haadha warraa waan hinqabneef yeroo baay'ee yaadisaa nihatama.

Barreeffama addeessaa

Barreeffamni addeessaa nama, bakka ykn wanta waa'eensaa barreeffamu sammuu namaa keessatti akka suuraatti akka mul'achuu danda'utti barreeffama. Dhimma ibsamu akka waan bira jiruutti miira guutuudhaan akka hubannuuf namatti agarsiisa. Namni barreeffama addeessaa dubbisu tokko akka nama suura ilaalaa jiruutti waan qabatamaa ta'e hubata. Fakkeenya olii ilaaluun nidanda'ama.

Gilgaala 11.

Keeyyata armaan gadii akka fakkeenyaatti siif kenname ilaaluun seenaa 'Akkoo Manooyyee' keeyyata tokkoon barreessi.

Fakkeenyaaf,

Mana nyaataa ukkaamsaa ergan seenee waggaa caaleera. Magaalaarraa xiqqoo ba'ee waan argamuuf dhimmi achi nageessu baay'ee hinturre. Har'a garuu lafa mana jireenyaa bitachuuf faddaaltonni naannoo sana keessa naan deemaa turan. Jooraa kana booda dadhabee carraa kanaanis ukkaamsaan nyaadha jedheen goree ajajadhe. Nyaatichi ho'aa ta'uu caalaa qullubbiifi qaaraa daabbusee baay'ee waan qabuuf nawaxalanii dafqa narra kutan. Dafqa koo haxaa'achuuf sooftii kiisiidhaa fudhachuuf harka bitaa yeroon galchu, kiisiinkoo natti salphate. Cinaacha harkakoo lamaaniin boorsaa koo garasiifi garanaa qaqqabannaan homtuu naquuquu dide. Akka na'uu ta'ee yeroo qalbiin koo nafaca'u namichi fuullee koo taa'ee nyaatu tokko, "Maal rakkatte?" naanjedhe. Anis garaa naasuutiin, "Lakki naguma" jedheenii of tasgabbeessuu yaale. Garuu qarshii baay'een waan achi keessa tureef nyaatichi gadi naaf lixuu dide. Booda namichi, "Maal sigargaaru?" naanjennaan, "Tarii karaatti nakeessaa bu'ee ta'a deemeen ilaala" jedheen warra mana nyaataatti himee yeroon ba'u namtichis nawaliin ba'e. Nagargaaree naaf barbaada jedheetan abdadhee karaan irra dhufe itti himeen waliin barbaaduu eegalle. Tasuma daggala xiqqoo keessaa leenci as ba'uu argee namtichi nabiraa sun utuu natti hinhimin dafee muka tokkittii achitti argamtu yaabbate. Anis yeroon leencicha argu mukan yaabu waan hinqabneef akka nama du'eetti bakkuman jirutti

gadi ciise. Leencichis gara koo dhufee nafuunfatee huuruusaatiin mataakoo tuttuqee erga na'ilaalee booda na dhiisee deeme. Namtichis mukarraa bu'ee “Leencichi maal siin jedhe?,” jedhee na gaafate. Anis, “Nama lubbuu keetiif hinamannee boorsaakee isa badeefillee hinamanin,” naan jedhen jedheen.

Barreeffama seenessaa

Akbarruun seenessaa odeeffannoo kennuuf osoo hintaanee seenaa himuuf barreeffama. Seenaa kana keessatti namoota, taatewwan raawwatamanifi yoomessatu dhiyaata. Seenaa namootaa, oduu durii, asoosamootaafi kan biroon kanneen barreeffama seenessaa jalatti hammataman keessaa muraasa.

Barannoo 5: **Fayyadama Jechootaa**

Gilgaala 12. Jechoota qubeessuu

Jecha sirriitti qubeeffame bakka duwwaa himoota armaan gadii guutu hammattuu keessaa filadhu.

Fakkeenyaaf,

“Gufuun burkutuu, gaarri _____ siif haata’u,” jedhee eebbise. (didibbee /diddibee/ diidibee)

1. Aannan utuu hinqabbaneessin yoo daa’ima obaasan, arraba isaanii _____ . (guba/gubba/guubaa/gubbaa)
2. Bokkaa cimaan roobee kosii karaa irraa _____. (hare/harree/haaree/harre)
3. Dhukkubni koronaa waan baay’ee tatamsa’eef, _____ namatti naqe. (soddaa/sodaa/soda/soodaa)
4. Harki nama hojii hinjaallannee baay’ee _____. (lalafa/lalaffaa/lallaafa/lalaaffa)
5. Warri gama sanaa falaxaadhaan _____ cufatu. (karaa/kaarraa/kaara/karra)
6. ‘ _____ marqaati,’ jennaan hunudumtuu boojjitoo guuree yaa’e. (Laga/ Laagaa /Laaggaa/ Lagga)

7. Daldaltoonni seeraan alaa carraa argataniin nama _____.

(sammuu/ samu/ saamu/ saammuu)

8. _____ meeshaa muuziqaati.

(Dibeen /Dibbeen/ Diibbeen/ Diibbeen)

9. Sa'aatii dheeraaf waan weeddisseef, _____ koo nadhukkube.

(laga/ laagga/ laagga/ laagga)

Barannoo 6: Caasluga

Hundee Jechaafi Fufii

Yaadannoo

Hundee jechaa: Qaama jechaa kan hiika bu'uuraa jechichaa qabatudha. Hundeen fufii duraafi duubaa ofirraa hinqabu. Karaa fuulduraas ta'e karaa duuba jechichaatiin taajaajila adda addaatiif kan oolan fufiilee adda addaa nimaxxanfata.

Fakkeenyaaf,

- nam-oota = nama (hundee) + -oota (fufii lakkoofsaan tokkoo ol ta'uu agarsiisu)
- kut-e = kut- (hundee) + -e (fufii ennaa darbe agarsiisu)
- furd – is = furd- (hundee) + -is (fufii jechaa maqibsa ture gara gochimaatti jijjiire)
- deem- sa = deem- (hundee) + sa (fufii jecha xumura ture gara maqaatti jijjiire)
- hin-deem-u = hin- (fufii hi'eentaa) deem – (hundee) -u (fufii gochichi akka hinraawwanne ibsu)

Fufii

Fufiin dhamjecha tajaajila adda addaatiif hundee jechaa irratti maxxanudha. Tajaajiloonni kunis jecha tokko hennaaf, baay'inaaf, kornayaafi kanneen kana fakkaatan agarsiisuudha. Dabalataanis, jechoota irratti dabalamuudhaan garee isaanii jijjiiruus nidanda'u. Fakkeenyaaf, jechi 'deemsa' jedhu maqaadha; fufii

-sa jedhu gara boodaan dabalachuun gochima irraa gara maqaatti jijjiirameera.

Fufiiwwan qofaatti of danda'uun kan hindhaabanneefi hiika guutuu kan hinqabnedha. Garuu hundee jechoota irratti kara duraa ykn boodaa dabalamuudhaan jechichaaf ibsa dabalataa kennu. Haaluma kanaan Afaan Oromoo keessatti fufii bakka lamatti qoodna: Fufii duraafi fufii boodaa.

A. Fufii duree: Fufii jalqaba jechaa irratti maxxanu jechuudha. Isaanis, hin- al- wal- ni-

Fakkeenyaaf, alidilee, walmaddii, hindeemu

B. Fufii duubaa: Fufii dhuma jechaa irratti maxxanudha. Isaanis, -oota, -icha -sa ...

Fakkeenyaaf, nam-oota, muk -icha, deem-sa

Gilgaala 13

A. Jechoota asii gadii irraa hundee jechaafi fufiilee adda baasuun barreessi.

Fakkeenyaaf,

Lakk	Jecha	Hundee	Fufii duraa	Fufii boodaa
	nyaate	nyaat-	-	-e
	oftuulummaa	tuul-	of-	-ummaa
	qotiisa	qot-	-	-isa
	hindeemu	deem-	hin-	-u

	Jecha	Hundee	Fufii duraa	Fufii boodaa
1	alidilee			
2	manneen			
3	hinfedhu			
4	jireenya			
5	kitaabilee			

6	lammiilee			
7	birmadummaa			
8	biyyoota			
9	alerguu			

B. Jechoota asiin gadii keessaa bu’uurumhortee fi fufii adda baasuun barreessi.

Fakkeenyaaf,

Lakk	Jecha	Bu’uurumhortee	Fufii duraa	Fufii boodaa
1	Furdiste	furdis-		-te
2	Beekuumsicha	beekumsa		icha
3	Sangoomse	sangoom-		se

Lakk	Jecha	Bu’uurumhortee	Fufii duraa	Fufii boodaa
1	Diimessite			
2	Daarome			
3	konkolaachistoota			
4	Hattoota			
5	Guddistuu			
6	Gowwoomsite			
7	da’umsicha			
8	Falmattoota			
9	Roobsiste			
10	Ifoomse			

BOQONNAA



DIRAAMAA

Bu'aalee barachuu

Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti:

- maalummaa diraamaa nihubatta;
- caaccuulee diraamaa addaan baasuun ni'ibsita;
- akaakuu diraamaa tarreessuun irratti nimariyatta;
- yaadrimee diraamaa dhiyaatee addaan baasuun ni'ibsita;
- bartaphee dhiyaate dubbistee gahee nitaphatta;
- bartaphee diraamaa niqopheessita/nibarreessita;
- barreeffama dhiyaate nixiinxalta.

Barannoo 1: Dhaggeeffachuu

Maalummaafi Akaakuu Diraamaa

Gilgaala 1. Dhaggeeffachuun Dura

A.Jechoota armaan gadii dubbisa dhaggeeffachuuf deemtu keessaa bahan hiika isaanii tilmaami.

1. bartaphee
2. ifaajee
3. meeloo
4. jamaa
5. jaargocha

B.Gaaffilee asii gadii dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachuun dura afaaniin deebisi!

1. Diraamaan maali? Waan beektu hiriya keetti himi.
2. Diraamaa raadiyoofi televiziyiiniin yookaan mana barnootaatti diraamaa hojjatame hordofte ykn daawwate keessaa kan yaadattu hiriya keetti himi. Diraamichi waa'ee maalii ture?
3. Taatoota jechuun maal jechuudha?

Gilgaala 2. Yeroo Dhaggeeffachuu

Gaaffilee asii gadii dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachaa deebisi.

1. Caaccuulee diraamaa keessaa 4 tarreessi.

- a. _____
- b. _____
- c. _____
- d. _____

2. Akka fakkeenya siif kennameetti gabatee itti aanee jiru guuti.

T/L	Akaakuu Diraamaa	Ibsa
	Diraamaa Gammachiisaa	-Kan gammachisee/kofalchiisee xumuramudha --waan barsiisulle qaba.
	Diraamaa gaddisiisaa	
	Diraamaa meeloo	
	Gaddis-gammachiisaa	

Gilgaala 3. Dhaggeeffachuun Booda

Gaaffilee asii gadiitiif deebii ifa ta'e afaaniin kenni.

1. Garaagarummaa diraamaa gammachiisaafi meeloo ibsi.
2. Diraamaa Afaan Oromoo daawwattee beektu tokko gabaabsii hiriyya keetti himi; akaakuu diraamaa isa kam keessatti akka ramadamu himi.
3. Garaagarummaan diraamaafi asoosamaa maali?

Barannoo 2. Dubbachuu

Gilgaala 4.

Garee miseensa shan (kan kornayaalee lameenuu hammate) qabu hundeessuun bartaphee diraamaa dhiyaate shaakaluun daree keessatti agarsiisaa.

Agarsiisa Tokkoffaa

Mooraa mana barnootaa keessa barattoonni lama waliin haasa'aa gara biirootti deemu. Barsiistuu Bashaatuun, dura buutuun mana barnootaa, biiroo fuuldura dhaabbatti. Barsiisonni baayyeen bakka bashannanaa taa'anii waliin haasa'u. Barsiisaa Jiraataan sagalee ol kaasee "Lamaan isaaniyyuu maatii waamuu qabu" jedhe. "Maatiin laamaan isaanii akka har'a dhufaniif kaleessa ergaan darbeera" jedhe tokko keessaa. Maqaa isaa garuu adda baasuu hindandeenye.

B/stuu Bashaatuu: Caaltuu, maatiin kee dhufaniiru?

Caaltuu: Ganama sa'aatii 4:00tti nan dhufa naan jedhee ture abbaan koo.

B/stuu Bashaatuu: Kennaa, kee hoo? (gara Kennaatti garagaltee fuula aariitiin)

Kennaa: Harmeen koos nan dhufaa naan jette jirti (mataa lafa keessa buustee).

B/stuu Bashaatuu: Lama keessaa tokko filattu! (harka lamaaniin mudhii ishee qabattee; mataa ishee fuulduraafi duubatti raasaa; yaadaan gabaa keessa asiifi achi deemaa)

Obbo Tolaa: Akkam bultan? (*Sagalee rom'aa nama naasisuun sadanuu altokicha fuula isaanii gara Obbo Tolaatti naannessanii*); Kennaaniifi Caaltuun mataa lafa keessa buusanii mana jala naanna'an.

B/stuu Bashaatuu: Nagaa galata Waaqaa! (*seeqqachaa Obbo Tolaa nagaa gaafachuuf harka itti hiixatte; aarii dhokfachuuf yaalti garuu, irraa beekama*).

Obbo Tolaa: Ani karaa mana kee dhufeen yoon manatti si arge buna dhuginnaa jedheen (*ijaan ijoollettii duuka bu'aa; Caaltuun koo maal balleesite laata? Kan keessaan of gaafatan fakkaatu*).

B/stuu Bashaatuu: Ol seenaa! dhimma cimaafan isin barbaade. (*gara biirootti ol seenaa*)

Obbo Tolaa: Harka mirgaan dhadhaabbii isaanii reebaa hafuura walitti qabanii gad baasan. Wanti jedhanus harkaa bannaan “Yaa Waaq! nagaa fidi jennaan balaa fidde” jedhe namichi jechaa dhadhaabbii hirkifatani ol seenan.

B/stuu Bashaatuu: Nooraa! asuma barcuma kanarra taa'aa. (*barcuma haxooftee sirreesite*)

Obbo Tolaa: Barcuma hindhabin! Maaloo maalumaaf akka na waamte dafii natti himi barsiistuu koo (*Obbo Tolaan waan waamamaniif baruuf baay'ee muddamanii*)

Aadde Qanaatuu: (*Balbala rukutaa olseentee*;) jaarsi kunimmoo hintamaaramoo maal asii godhaa? Jettee Obbo Tolaatti baacce.

Obbo Tolaa: Muh! osoon tamaaree sin caalaam. (mucaan Caaltuu koo wajjin dhaabbattu keetii; atis akkuma koo waamamtee dhuftee? (*yaadaan qaari'an*)). Yeroo na argan kan dhokachuuf yaalan waa malee miti...)

B/stuu Bashaatuu: Baga nagaan dhufan Aadde Qanaatuu; isin lamaan waliif

dabaloodhaa? (dhaabbattee harkaan barcuma itti agarsiisaa, lamaan isaanii wal biratti dhiistee ofiif gad baate. Obbo Tolaan harkasaa loosee aadde Qanaatuu qimmiide. Isheenis harkasaa ofirratti qabdee haboote).

Obbo Tolaa: Osoon qabee sirraan galchaam jaartittiinnana (*ija itti babaasaa*)

Aadde Qanaatuu: Siin yoom sirraa gala jaarsa dullachannana. (isheenis ija keessa ilaalaa; lamaan isaanii yaadaan yeroo ijoollummaa isaaniitti godaanani; bishaan waraabanii, qoraan cabsanii, sirba waliin sirbanii... waliin guddatan.)

Barannoo 3: Dubbisuu

Gilgaala 5: Dubbisuun dura

Asiin gadittii itti fufaa bartaphee tokkoffaatu dhihaate jira. Bartaphicha osoo hindubbisiin dura gaaffilee asiin gadii deebisi.

1. Diraamaan gilgaala 4 keessatti hojjattan haala kamiin xumuramuu danda'a jettee yaadda?
2. Obbo Tolaan maaliif "Yaa Waaq! Nagaa fidi jennaan, balaa fidde" jedhan?
3. Hiika jechootaa asiin gadii tilmaami.
 - a. qimmiide
 - b. seeqqate
 - c. haboote
 - d. quphante

Gilgaala 6.

Gaaffilee asii gadii bartaphee itti aanee jiru dubbisaa deebisi.

1. Maatiin barattootaa maaliif waamamanii? Caaltuufi Kennaan maaliif Obbo Tolaa sodaatanii mana jala naanna'anii?
2. Barsiistuu Bashaatuun maatii barattootaa dhiistee eessa deemte?
3. Caaltuufi Kennaan barattoota akkaamii sitti fakkaatu?
4. Barsiisonni bakka bashannanaa taa'anii haasa'an waa'ee eenyuu haasa'u sitti fakkaata? Ragaan kee maali?

Agarsiisa Lammaffaa

B/stuu Bashaatuu, Komaander Dhugaasaafi bulchaa gandaa sadii ta'anii Fedhasaa Xiiqii qabanii gara galma mana barumsaa seenan. Fedhasaa Xiiqii nama barattoota shamarranii goyyoomsee seeraan ala gara biyya alaatti daldaluun beekamudha. Kanaan dura yakkaan himatamee nama seeraan barbaadamudha. Obbo Tolaafi Aadde Qanaatuun gara galma mana barumsaa akka dhufaniif waamaman.

K/Dhugaasaa: Fedhasaa, eessa jiraatta? Waggaa lamaaf eessa turte?

Fedhasaa: Eessayyuu hindeemne; biyyuma keessan ture.

Bulchaa Gandaa: Waggaa kanaa akka ati biyya keessa hinjirreefi humna isaatii ol taate abbaan kee dhufee jecha isaa kennee ture. Yeroo sana eessa turte?

Fedhasaa: Hojiifan Finfinnee deeme.

K/Dhugaasaa: Hojiin kee maali? Finfinneedhaa maal goota?

Obbo Tolaa: Ishee kana isheen mucaa koo fudhattee baduuf kaate? Eeboon marrummaan abbaa isaa keessa baasee dhaqee mootummaatti harka kennaa. (haariin ijji isaanii keessaa bu'uuf ka'e: Fedhasaan ija lafa jalaan Obbo Tolaa ilaala). Aadde Qanaatuun aariidhaan Kennaa ilaalaa yaadaan badde. Dhiiraa durbatti Kennaa malee hinqabdu. Intala ishee barsiifattee iddoo guddaan ga'uuf baayyee dhamaati. Guyyaa tokko qu'annaa dhiistee akka hojii hojjetu hinbarbaaddu.

B/stuu Bashaatuu: Obbo Tolaafi Aadde Qanaatuun gurra nuuf kennaa. (Caaltuufi Kennaan yaada akka kennanuufi. Caaltuufi Kennaan

ija keessa walilaa'an. Maatiin isaanii gadiba'uutti kan gammadan fakkaatu).

Aad/Qanaatu: Akkuma gadi baateen maddii lamaan qabatee mana jala quphante. Ija ishee lamaan karaa karra mana barumsaa qaaristee yaadaan duuka qaarite. (Osoon yeroo Obbo Kumsaan ilma isaatiif gaafate kenneefii kun hinta'u. Silaa nama guddaa beekamaafi soorssa kanaan soddomeen kabajama. Jaarsi garraamiin kun tarii na abaaree laata? Maal beekama namni gaa'elaaf marga buqqifatee yoo milkaa'uu dhabe, margicha gufuu gogaarra kaa'ee abaara. Amma immoo intalli ishee kunoo baduuf kaatee qabamtee yemmu dhaga'u namnuu maal naan jedha? "Anoo nan bade yaa gumee namichaa; yaa maqaa abbaa koo" jette intalli. Kun abaarsa, abaarsa moorriifi oodni hinbaafnedha. Tariimmoo cubbuun dur dalagetu naan ba'aa jiraa? Mucaa duudaa sana abaabbalee jaarsa jettee laata? Kunoo mucattiin bultii diigdee gursummaa taate. Dhala koo anumatu galaafate....). Raajii, raajii, raajii... sagalee Obbo Tolaatu galaana yaadaa keessaa baase. Akka waan isheen yaadaa turte hunda dhaga'anii arganiitti leeyyofte; naatees utaaltee kaate.

Gilgaala 7. Dubbisuu Booda

Gaaffiiwwan kanaa gadii bartaphee dubbisteerratti hundaa'uun afaaniin deebisi.

1. Tapha kana keessatti taatonni eenyuun fa'i? Maqaa isaanii tarreessi.
2. Yaadasheen, aadde Qanaatuun, "Abaarsa moorriifi oodni hinbaafne" jetti. Maal jechuudha?
3. Caaccuulee diraamaa olii keessaa yoomeessaafi jaargocha isaa ibsi.
4. Ati waa'ee barattoota kanaa waa murteessi osoo siin jedhanii maal murteessita? Maaliif?
5. Barattoonni barumsa isaanii seeraan akka hinbaranne maalfaatu gufachiisuu danda'a jettee yaadda?

Barannoo 4: Barreessuu

Gilgaala 8

A. Ergaa himoota bartaphee dubbiste keessaa ba'an armaan gadii barreessi!

1. “Yaa maqaa abbaa koo; yaa gumee namichaa” jette intalli.
2. Mataa lafa keessa buusanii mana jala naanna'an.
3. Ija lafa jalaan ilaale.
4. Dhaqeen mootummaatti harka kenna.

B. Bartaphee asii olii fakkeenya godhachuun diraamaa Afaan Oromoo daawatee beektu tokkoof, bartaphee agarsiifamuu danda'u qopheessi. Bartaphee kana yeroo qopheessitu, caaccuulee diraamaa yaada keessa galchuu hindagatin.

Barannoo 5: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 9.

Jechoota ykn gaaleewwan bartaphee keessaa ba'an roga 'A' jalaatiif hiika isaa roga 'B' jalaa filachuun walitti firoomsi.

A

1. qaarite
2. gurra nuuf kennaa
3. mataa buuste
4. soddoomuu
5. gumee
6. moora
7. gursummaa
8. dullacha

B

- A. yeellofte
- B. fagaatte / deemte
- C. horii qalan keessaa baasuun kan waa beekaan ilaalee dubbisu
- D meeshaa faayaa kan harkatti kaawwatamu
- E. fuudhaafi herumaan firoomuu
- F. nu dhaggeeffadha
- G. dulloomaa / otontoraa
- H. dubartii eerumtee dhirsa hiikte

BOQONNAA

9

SABAA HIMAALIEFI QUNNAMTII

Bu'aalee barachuu

Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti:

- yaada ijoo dubbisa dhaggeeffattee nihimta;
- waa'ee nama beekamaa ta'e tokko waan beektu nihimta;
- dubbisa tokko dubbisuun yaada hafe nixumurta;
- yaadota yookiin himoota /keeyyata jalqabaman nixumurta;
- jechootaaf hiika galumsaa nikennita;
- ciroowwan firoomsee, waldorgomsiistuufi hundarroo adda nibaasta.

Barannoo 1: Dhaggeeffachuu

Meeshaalee Qunnamtii Aadaa

Gilgaala 1. Dhaggeeffachuun dura

A. Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachuun dura gaaffilee asiin gadiif deebii kenni.

1. Dur namoonni akkamittiin ergaa waliif dabarsaa turan jettee yaadda?
2. Yeroo ammaa hoo irra caalaatti maaliin walqunnamaa jiru?

B. Jechoota armaan gadii hiika isaanii tilmaami.

1. ammayyaa
2. iyyaafachuu
3. yaboo
4. imaltuu

Gilgaala 2. Yeroo Dhaggeeffachuu

Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachaa gaaffilee asiin gadiitti dhiyaatan deebisi.

1. Osoo _____n ammayyaa hinjalqabin dhalli namaa karaa adda addaa ergaa waliif dabarsaa ture.
2. “Qotiyyoo _____ barbaadee, naaf iyyaafadhu,” jedhaan.
3. Namichi qotiyyoo iyyaafatu qotiyyicha jedhame arguufi dhabuu isaa miilaan deebi’ee himutu irraa eegama. (Dhugaa/Soba)
4. “Galgala akkuma aduun _____, tulluu naannoo koo jiruu irratti yoon aara aarse, qotiyyoo siif arge” jechuudha.

Gilgaala 3. Dhaggeeffachuun booda

Dubbisa dhaggeeffate irratti hundaa’uun gaaffilee armaan gadii deebisi.

1. Miidiyaan qunnamtii aadaa, namichi qotiyyoo bituu barbaade itti fayyadame maali?
2. Namichi qotiyyoo akka iyyaafatu gaafatame tulluu irratti yoo aara aarse ergaan darbu maali? Yoo aara aarsuu baate hoo?
3. Bakki aarri itti aarsamu tulluu ta’uun maaliif filatame?
4. Naannoo keetti meeshaaleen qunnamtii aadaa hawaasni itti tajaajilamu maal fa’i?
5. Ciminiiifi hanqinni itti fayyadama meeshaalee qunnamtii aadaa kanneenii maali?

Barannoo 2: Dubbachuu

Gilgaala 4.

Qabxiilee armaan gadii bu’uureffachuun seenaa nama baay’ee beekamaa ta’e tokkoo maatii kee gaafachuudhaan barattoota daree keef afaaniin himi.

- Maqaa
- Bara dhalootaa
- Seenaa hojjatee ittiin beekame

- Haala amma irra jiru.

Hubachiisa: seenaa nama beekama naannoo keessanitti argamuu yoo dhabdan seenaa goota Oromoo beektan tokko fudhattanii dhiyeessuu nidandeessu.

Barannoo 3: Dubbisuu

Gilgaala 5. Dubbisuun dura

A. Dubbisa ‘Sabaahimaaleefi Quunnamtii’ jedhu dubbisuun dura gaaffilee asiin gadii deebisi.

1. Miidiyaa jechuun maal jechuudha? Quunnamtii jechuun hoo?
2. Miidiyaan faayidaa maalii qaba?
3. Miidiyaaleefi qunnamtiin walitti dhufeenya akkamii qabu?

B. Jechoota armaan gadii dhiyaataniif hiika isaanii tilmaami.

maxxansa	ifaajjii	galaalcha
tamsaasa	ciicata	qillisee

Gilgaala 6. Yeroo dubbisuu

A. Dubbisa ‘Sabaahimaaleefi Quunnamtii’ jedhu dubbisaa gaaffilee armaan gadiif deebii kenni.

1. Namoonni durii fakkiidhaan yaada isaanii ibsuuf kan eegalan waggootii _____ dura.
2. Galaalchi maxxansamuu kan eegale biyya _____ fi _____ tti.
3. Akaakuu miidiyaalee maxxansaa kan ta’e kami?

A. kitaaba B. barruulee C. qillisee D. hundinuu deebiidha.
4. Televijiinii kalaquuf tattaaffii kan eegale eenyu? Bara kami? Biyya eessaatti?
5. Tamsaasni televijiinii milkaa’e jalqaba kan taasisame biyya kamitti?

A. Faransaay B. Jarman C. Raashiyaa D. London

6. Tamsaasni televijiinii Itoophiyaa keessatti kan jalqabe bara kami?

- A. 1965 B. 1991 C. 1935 D. 1894

B. Taateewwan roga ‘A’ jala jiran bara itti raawwatan kanneen roga ‘B’ jalaa waliin walitti firoomsi.

A

B

- | | |
|--|--------------|
| 1. Aleksaandar bilbila kalaqe. | A 1894 (ALA) |
| 2. Tamsaasni televiiziyinii biyya Jarmanitti eegalame. | B.1876 (ALA) |
| 3. Lammiin biyya Ingilizii raadiyoo kalaqe. | C.1991 (ALA) |
| 4. Tamsaasni televijiinii biyya Ingilizitti eegalame. | D.1935 (ALA) |
| 5. Tajaajilli bilbilaa Itoophiyatti jalqabame. | E.1936 (ALA) |
| 6. Tamsaasni televiiziyinii Afaan Oromoon eegalame. | F.1895 (ALA) |

Sabaahimaaleefi Quunnamtii

Sabaahimaan maqaa gamtaa meeshaalee quunnamtii hawaasaati. Sabaahimaalen qoqqoodama adda addaa qabu. Fakkeenyaaf, kanneen barreeffamaan darban miidiyaalee barreeffamaa yookaan maxxansaa jedhamu. Kanneen karaa elektirooniksii darban miidiyaalee elektirooniksii jedhamu. Quunnamtiin ammoo, waljijjiirraa yaadaa yookaan odeeffannoo namoota lama yookaan lamaa olgidduutti sabaahimaalee kanneeniin rawwatamudha. Meeshaaleen miidiyaalee hundi ergaa kennaafi fudhataa gidduutti dhaamsa *baattuufi* qaqqabsiistuu ta’anii tajaajilu. Walitti dhufeenyi hawaasa gidduutti akka uumamu taasisu. Kanaafuu, sabaahimaaleefi quunnamtii gidduu walitti dhufeenya cimaatu jira. Haata’u malee, barri hojiirra oolmaa isaanii quunnamtiin dura kan tureefi sabaahimaaleen ammoo booda kan dhufedha.

Umriin barreeffamaafi afaanii baay’ee addaan fagaatu. Fakkeenyaaf, namoonni dur yaada isaanii fakkii adda addaa *holqa* keessatti kaasuun ibsuuf kan yaalan waggootii 20,000 dura akka ta’e qorannoon ni’agarsiisa. Barreeffamni qubeedhaan bakka bu’e erga jalqabamee ammoo, gara waggoota 3,000 qofa akka ta’e ibsama. Miidiyaaleen maxxansaa kana booda jalqabe jechuudha. Fakkeenyaaf, miidiyaalee gosa kanneen keessaa *galaalchi* biyya Xaaliyaaniifi Jarmaniitti maxxanfamuu kan eegale bara 1620 (ALA) keessa. Itoophiyaa keessatti kan jalqabe garuu, walakkeessa *jaarrra* 19 booda. Dhiibbaa ture

irraa kan ka'e maxxansi Afaan Oromoo immoo walakkaa jaarraa 20^{ffaa} booda jalqabe. Yeroo ammaa bifa kitaabaa, barruuleefi *qilliseen* qophaa'aa jira.

Bifuma walfakkaatuun, miidiyaalee *maxxansaatti* aanee miidiyaa elektirooniksii kan ta'e raadiyootu argame. Guddinni raadiyoo babal'ina teeknooloojii waliin walitti hidhannaa cimaa qaba. Yaalii guddaa booda namni Maarkon jedhamu, lammii biyya Ingilizii kan ta'e, bara 1895 (ALA) raadiyoo argate. Dirree lolaafi geejjiba galaanaa keessatti tajaajilaa akka tures ibsama. Isa boodas, dirreen argannoo isaa qalbii qorattootaa baay'ee *booji'e*. Kana irraa ka'uun, argannoo duraa babal'isuuf hojiileen hojjataman hedduudha. Raadiyoon Itoophiyaa keessatti tamsaasa oduu kan jalqabe Fulbaana 10, bara 1935 (ALA) yoo ta'u Afaan Oromoo karaa miidiyaa kanaa tamsaasa kan jalqabe immoo bara 1975 (ALA) ture.

Kanatti aanee, miidiyaan elektirooniksii tajaajilaaf oole televezyiniidha. Televiziyinii kalaquuf tattaaffiin jalqabaa kan eegalame bara 1873(ALA) yoo ta'u namni jalqabes Jooseef Meey jedhama. Kan jalqabe biyya Ayerlaandiitti. Sana booda, namoonni milkeessuudhaaf biyyoota adda addaa keessaa *ciicata* gumaachaa turan hedhuudha. Lammiileen biyyoota Jarmanii, Faransaay, Ruusiyaafi Iskootilaandi *ifaajjii* obsa fixachiisu taasisaa turanii jiru. Dhumarratti, ji'a Bitootessaa bara 1935(ALA) biyya Jarman keessatti tamsaasa jalqabaa milkeessan. Baruma sana ji'a Sadaasaa keessa Faransaay keessattis eegalchiisan. Waggaa isaatti magaalaa guddittii biyya Ingilizii Londonittis tajaajila kennuu jalqabe. Itoophiyaa keessatti Televiziyiniin yeroo jalqabaatiif tamsaasa kan eegale eegale Onkolooleessa 23, bara 1965(ALA)ti. Sagantaan Afaan Oromoo karaa miidiyaa kanaan darbu immoo hojii jalqabe bara 1991(ALA), kufaatii Dargii booda ture.

Kana malees, miidiyaaleen quunnamtii kanneen televiziyinii boodas ta'ee dura jalqabanii baay'ee fooyya'aa deeman ni'jiru. Fakkeenyaaf, kanneen akka bilbilaa kaasuun nidanda'ama. Bilbilli kan uumame bara 1876(ALA) ture. Kan uumes, lammii biyyaa Iskootilaandi nama Aleksaandar Girhaam Beel jedhamu. Yeroo sanatti bilbilli inni uume kan karaa shiboo namoota lamaan waliin haasawaa jiraniif ergaa dabarsu ture. Gara Itoophiyaa kan seene ammoo, bara 1894(ALA) ture. Yeroo ammaa akaakuun miidiyaalee hawaasaa

kanneen karaa interneetiidhaan walitti dhufeenya hawaasaa saffisiisan babal'achaa jiru. Fakkeenyaaf, feesbuukii, yuutuubii, waatsaappiifi kanneen kana fakkaatan. kaasuun nidanda'ama.

Walumaagalatti, miidiyaaleen quunnamtii hawaasaa hundi seenaa jalqabbii mataa isaanii qabu. Hundi isaanii fooyya'aa dhufan. Kana caalaa ammayyaawaa akka deemanis tilmaamuun nama hinrakkisu.

Gilgaala 7. Dubbisuun booda

Gaaffilee asii gadii dubbisa irratti hundaa'uun deebii sirrii kenni.

1. Akaakuu miidiyaalee maxxansaafi kan elektirooniksii keessaa kamtu dura argame?
2. Tamsaasni raadiyoo Itoophiyaa keessatti kan jalqabe bara kami?
3. Akaakuu miidiyaalee dhiyaatan keessaa kan jalqaba tajaajilaaf oole kami?
4. Miidiyaalee ibsaman keessaa ati irra caalaatti isa kam fayyadamta? Maaliif?
5. Miidiyaalee dhimma maaliif fayyadamta?
6. Beekumsi haaraan dubbisa dubbiste irraa baratte maali?

Barannoo 4: Barreessuu

Gilgaala 8. Himootaafi Keeyyata Hinxumuramin Xumuruu

Himootaafi keeyyata asii gadii osoo hinxuramin hafan jechaafi yaada mataa keetii fayyadamuun xumuri. Waan barreessite hiriyyaa keetti agarsiisuun waliif sirreessaa.

Tolasaan maatii isaatiif mucaa _____ ti. Haatiifi abbaan _____ nijaalatu. Waan inni isaan gaafate _____ ture. Meeshaalee mana barnootaaf isa barbaachisan kanneen akka _____, _____, _____ hunda nibituuf. Tolasaan garuu wanti tokko akka bitamuuf daddabalee gaafata. Innis _____. Abbaan isaa ammoo, “Ammaaf nu bira teessee barachaa jirta; eessumatti naaf bilbiluuf kana nagaafatta?” jedheeti didaa ture. Manni barnootaa kutaa 1-8 naannoo isaaniitti waan argamuuf, bakka

itti bilbilu hinqabu jedhanii yaadu. Akkasumas, bilbila qabachuun, barnoota dagachiisuu danda’as jedhanii sodaatu. Kanaafuu, Tolasaanis isaan jala dhaabbachuu dhiisee, guyyaa eeggachaa ture.

Bara darbe Tolasaan kutaa 8 xumuruun barana kutaa 9 barachuuf maatii irraa fagaatee jira. Sababa ittiin bilbila moobaayilii bichisiisatu argate jechuudha. Maatiis gaafate. Isaanis waliigalanii _____. Yeroo ammaa kana, Tolasaan bilbila bitameef sana dhimmoota adda addaatiif itti fayyadamaa jira.

Xalayaa Barreessuu

- i. **Xalayaa firaa-** Xalayaan firaaf barreeffamu xalayaa dhuunfaa ykn xalayaa alidilee jedhamees beekama.

Gilgaala 9.

**A. Armaan gaditti fakkeenyi xalayaa dhuunfaa kennameera.
Xalayicha sirriitti ilaaluun atis hiriya keetiif xalayaa barreessi.**

Galmaa Jiloo

L.S.Poostaa 43

Yunvarsitiit Jimmaa

Jimma

Gurraandhala 07, 2013

Obboleettii koo Lookoo Jilootiif,

L.S.P. ____

Yaaballoo

Hunda dura nagaan Waaqaa sihaagayu. Maatiin cufti badhaadha? Sa’aa namni, alaa manni, diqqaa guddaan nagayaa? Ani nagaya kooti; barumsa kiyyatti cimee barachaan jira. Seemisteera tokkoffaatti barnoota hundaan qabxii ‘A’ argadhee baay’ee gammadeera. Amma boqonnaa seemisteeraaf

yuunivarsiitiin keenna waan torban lamaaf cufamuuf, ningala. Garuu, qarshii geejjibaa waan hinqabneef, karaa baankiin dafii atumti naaf ergi. Yoo of harkaa dhabde, abuyyaa kiyya irraa fuudhii naaf ergi. Hanga walagarrutti nagayaan turi.

Obboleessa kee



Galmaa Jiloo

- ii. **Xalayaa Hojii** – Xalayaan hojiif barreeffamu xalayaa idilee jedhamee beekama.
- B. Fakkeenya armaan gaditti siif kenname hordofuun xalayaa hojii tokko barreessi.

Jijee Daadhii

LSP. 787

Naqamtee

Guyyaa 07/10/2013

Kolleejjii Barnoota Barsiisotaa Naqamteef

LSP. _____

Naqamtee

Kabajamoo Koree Qacarrii:


Beeksisa Waxabajjii 10, 2013 baastaniin barsiisaa/tuu Afaan Oromoo tokko qacaruuf namoota fedhii, gahumsaafi dandeettii qaban dorgommiif afeeruun keessan niyaadatama.

Bu'uuruma kanaan barnoota Afaan Oromoo digirii lammaffaan qaba. Ogummaa barsiisummaatiin ammoo tajaajila waggaa 13 qaba. Ogummaan qabuufi barnootaan digirii 2^{ffaa} dabalataan argadhe fayyadamee barnoota Afaan Oromootiin barattootarrattis ta'ee mana barnootichaa irratti jijjiirama dansaan nan fida jedheen abdadha.

Kanaafuu, fedhii ragaa ani dhiyeeffadhe irratti hundaa'uun akka naqacartan

kabajaa isin gaafadha.

Nagaa Wajjin



Jijee Daadhii

Unkaa Iyyannoo

- a. _____
- b. _____
- c. _____
- d. _____
- e. _____
- f. _____
- g. _____
- h. _____
1. _____
- _____
2. _____
- _____
3. _____
- _____
- i. _____
- j. _____

Ibsa:

- a. Maqaa nama/waajjira xalayaa barreessee
- b. LSP nama/waajjira xalayaa barreessee
- c. Biyya nama/waajjira xalayaa barreessee
- d. Guyyaa xalayaan itti barreeffame
- e. Nama/waajjira xalayaan barreeffameef
- f. LSP nama/waajjira xalayaan barreeffameef

g. Biyya nama/waajjira xalayaan barreeffameef

h. Saaqaa xalayaa

2. Seensa xalayaa

3. Qaama xalayaa

4. Goolaba xalayaa

I. Cufaa xalayaa

J. Mallattoofi maqaa

Barannoo 5: **Fayyadama Jechootaa**

Gilgaala 10. Hiika Galumsaa

Hiika jechoonni himoota keessatti gurraacheffamanii barreeffaman kunneen qaban barreessi.

1. Osoo miidiyaaleen **ammayyaa** hinjalqabin, dhalli namaa karaa adda addaa ergaa waliif dabarsaa turee jira.
2. Qotiiyyoon bituu barbaadee naaf **iyyaafadhu** jedhe.
3. Inni akka iyyaafatu gaafatame, **yaboo** fudhata.
4. Qotiiyyoo jedhame arguufi dhabuu **miilaan** deebi'ee itti himuun irraa hineegamu.
5. Haalli jiru **mijataa** waan hintaaneef ni'ulfaata.
6. Bakka isaan jiran gidduu **imaltuun** marmaartu yoo jiraatte, dirqama fudhachuudhaan isatti dhaamamuu danda'a.
7. Bakka isaan jiran gidduu imaltuun **marmaartu** yoo jiraatte, dirqama fudhachuudhaan isatti dhaamamuu danda'a.

Barannoo 7: Caasluga

Ciroowwan firoomsee, Gaaleewwan waldorgomsiisoo fi hundarroota

Yaadannoo

Ciroon firoomsee- akaakuu ciroo hirkataa ta'ee gaalee maqaatiif odeeffannoo dabalataa kan kennudha. Fakkeenyaaf,

- Daadhiin, mucaan Ambootti dhalate sun, kaleessa dhufe.
- Qananiisaan, mo'ataan maraatoonii addunyaa, Boqqojiitti dhalate.

Himoota armaan olii keessatti ciroowwan jala sararaman ciroo firoomseeti. Giroowwan kunis, gaalee maqaatiif ibsa dabalataa kennu.

Gaaleen waldorgomsiisoo- maqaalee lama hangaan, bifaan, hojjaan, furdinaafi kanneen kana fakkaatan waldorgomsiisuun ibsuuf gargaara.

Fakkeenyaaf,

- Tolaan Abdii caalaa dheeraadha.
- Manni koo mana isaa caalaa bal'aadha.
- Sareen isaanii saree keenya caalaa fiiga.

Himoota armaan olii keessatti gaaleewwan jala sararaman gaalee waldorgomsiisoo jedhamu.

Gaalee hundarroota (superlatives) - waan tokko kanneen biroo hundarra caaluu ykn hundaa gadi ta'uu isaa agarsiisuuf gargaara.

Fakkeenyaaf,

- Manni keenya manneen ollaa keenya jiran hundarra guddaadha.
- Xurunash atileetota hundarra cimtuudha.

Himoota armaan olii keessatti gaaleewwan jala sararaman gaalee hundarroota jedhamu.

Gilgaala 11

A. Himoota armaan gadii keessatti kanneen jala sararaman ciroo firoomsee, gaalee waldorgomsiisoo ykn hundarroo ta'uu adda baasuun barreessi.

1. Barataan, kaleessa bilbile sun, hindhufne.
2. Ijoolleen interneetii fayyadaman kanneen hinfayyadamne caalaa hubannoo qabu.
3. Mootiin barattoota daree isaa hundarra naamusa qaba.
4. Barataan qu'atu kan hinqu'anne caalaa qabxii olaanaa fida.
5. Namichi, inni hoolaa qale sun, albee gate.
6. Barattoonni gaaffii gaafatatan kanneen hingaafanne caalaa waa hubachuu danda'u.
7. Namoonni miidiyaa hordofan kanneen miidiyaa hinhordofne caala waa'ee addunyaa beeku.
8. Interneetiin miidiyaalee qunnamtii hundarra filatamaadha.
9. Ayyaanni Irreechaa hunda caalaa tokkummaa Oromoo cimsa.

B. Odeeffannoo gabatee armaan gadii keessatti kenname fayyadamuun himoota gaalee dorgomsiisoofi hundarroo of keessaa qaban jaha barreessi.

Maqaa namootaa	Ulfaatina isaanii	Dheerina/hojjaa isaanii
Faaxumaa	55kg	1.67m
Ayyaanaa	45 kg	1.55m
Milkoo	67 kg	1.60m
Milkeessaa	75 kg	1.80m

Fakkeenyaaf,

- Faaxumaan Ayyaanaa caalaa dheertuudha.
- Ayyaanaan hundarra gabaabaadha.

JECHIBSOO

Jecha

Ibsa

Aantima	Kan mathimni tokko irratti raawwate ykn raawwateef jechuudha
Aggaamsa	Ergaa haala qabatama dubbisa keessa jiruu (inferential meaning)
Bartaphee	Barruu taphaaf ykn diraamaa hojjachuuf dursee qophaa'udha.
Caaccuulee asoosamaa	Kanneen asoosama ijaarani. Isaanis, jaargocha, namfakkii/qooddattoota, waldiddaa, yoomessa, ergaa ykn dhaamsaafi kanneen kana fakkaatan.
Caaccuulee diraamaa	Kanneen diraamicha ijaarani. Isaanis, jaargocha, taatota, waldiddaa, yoomessa, ergaa ykn dhaamsaafi kanneen kana fakkaatan.
Cigoo	Jechama (jecha yookaan gaalee hiika lama qabu)
Ciigoo	Dubbii dacha soorgoofi sookoo kan qabu yookaan dubbii ifaafi dhokataa kan qabu.
Fayyadama jechaa	Hiika jechootaa kallattiifi alkallattii, hiika galumsaa, hiikaa fakkaattiifi faallaafi kanneen kana fakkaatan gargaaramuu jechuudha.
Fufii	Maxxantuu jecha duraafi boodaan galuudhaan, tajaajila adda addaa kan kennanuudha.
Gocha Taasifamaa	Gochima mathima irratti raawwate kan agarsiisu
Gochaa Raawwima	Gochima waan mathimni raawwate kan agarsiisu
Hennaa	Yeroo gochi tokko itti raawwate kan ibsudha
Hiika galumsaa	Hiika jechoonni yoomessa adda addaa keessatti qaban
Hojimanee	Hojii barattoonni mana isaaniitti fudhatanii galuun hojjetanii dhufan
Irraanaa	Ergaa qabatamaadhaan dubbusa keessa jiru (literary meaning)

Mathima	Hima tokko keessatti abbummaa kan qabu ykn mataa hima sanaa jechuudha.
Mirgadeeffamuu	Qubeelee qallatanii akkasums gara mirgaatti duufanii ykn jallatanii baarreeffamanidha.
Quttoo	Awwaara (dhukkee)
Toor-gadee	Jechoota lama tooraafi gadee jedhamanirraa tishheessuudhaan kan ijaarama ta'ee, toora gabatee olii gara gadiitti ykn gadii gara oliitti(column) qophaa'e jechuudha.
UNESCO	Jecha Afaan Ingilizii tahee Dhaabbata Saayinsii, Aadaafi Barnootaa Mootummoota Gamtoomanii kan jedhu bakka bu'a.
VAT	Jecha Afaan Ingilizii Value Added Tax yommuu tahu akaakuu taaksii alkallattii keessatti kan ramadamudha. Jechi kun Afaan Oromootiin Taaksii Dabalata Qabeenyaa jedhama. Akka biyya keenyaatti VAT 15%